

سُورَةُ الْمَائِدَةِ  
Suuraa Maa`ida`aa

\* Dura dursoo suuran tun suuraa maa`i-da`aati je`amti

قبل كل شيء هذه هي سورة المائدة

\*Isiin suuraa madiina'aati aayata { 3 } malee isiin arafa`atti hajjatul wadaa`a ke-essatti buufmte

فهي مدنية الا آية { 3 } بنزلت بعرفات في حجة الوداع

\* Aayaanni isi`ii dhibbaafii diiddama

وآياتها مائة وعشرون آية

\*Lakkooyisi isi`ii shan

وترتيبها { 5 }

\*Isiin eega suuraa faatihgiifii buutee

نزلت بعد سورة الفتح

\*Jalqabni dubbii maqaa Rabbiiti,kan qan-anii guddo'oofii xiqqo'oon waa hunda qan-aniisu.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Yaa warra Rabbitti amane

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

\*Baallama seentan hunda guuta', baalama Rabbii tayuu kan namaa tayuu, wa'dii seentan hunda guutaa, waan Rabbiin isiniif kennerratti galata isaaf galchaa,

أَوْفُوا بِالْعُقُودِ

\*{Bahiiman}waan miila afurin deemu tan akka gaalaa, hori`ii, re'e'ee halaal isiniif godh-ante,

أُحِلَّتْ لَكُمْ بَهِيمَةُ الْأَنْعَامِ

\*Waan isiniif dubbatu'uu teenyu malee,

إِلَّا مَا يَتَلَبَّسَ عَلَيْكُمْ

\*Kan waan hajjii keessa jirtaniin bineensa al'ooltanii nyaatuu hin qabne, namni hajjii hidhate waa al'oolee nyaatun isarratti dhoo-wwama, hanga hajji'irraa raaw'atutti,

غَيْرِ مُحِلِّي الصَّيْدِ وَأَنْتُمْ حُرْمٌ

1} \*Rabbiin waan fedhe mura waan fedhe halaal godhee waan fedhe haraam godha , waan fedhe namaa geessiseeti, waan fedhe-rraa nama dhoowwa namni isa dura dhaa-bbatu hin jiru

إِنَّ اللَّهَ يَحْكُمُ مَا يُرِيدُ

\*Yaa warra Rabbitti amane

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

\*Alaamaa diinaa Rabbii balleessuu halaal hin godhatinaa, hajjii keessatti waa al'oo-

لَا تُحِلُّوا شَعَائِرَ اللَّهِ

lu'uun, milikkata hajji'ii hin balleessinaa .

\*Baatii hormata qabdu, yookaa kabajaa qabdu, tan Rabbiin isii keessa wal loluu dhoowwe keessa wal loluu halaal hin godhatinaa, wal loluun ni gayaa hin yaadinaa .

\*Wareega makka geessanii qalu'uu oofan hin tuqinaa,

\*Waan morma wareegatti hidhanis hin

tuqinaa horii wareegaa akka beekamu'uuf, muka biyya makkaa keessa jirurraa waa fuudhanii itti hidhan,duuba wareegafii waan isarra jirullee tuquu Rabbiin dhoowwe,

\*Warra kakgbaa dhaqu'uu deemu hin tuqinaa,

\*Kan Rizqii Rabbii isaanii barbaadu'uu deeman naggadaafii waan biralle'een,

\*Kan ammallee Rabbiin isaanirraa jaalatuu barbaadan,

\*Hoggaa dalagaa hajji'irraa raaw'attan,

\*Waan feetan al'oolladhaa,

\*Isin hin dalaysiisin, yookaa isin hin kaasin, yookaa itti isin hin dirin,

\*Orma tokko jibbuun,

\*Waan isaan makkarraa isin dhoowwaniif

\*Biiluu yookaa gadoo isaanirraa bayu`utti

isin hin kaasin,akkana jechuun; ummata waa isin godhe jibbuun eega humna argattanii,isaan miidhu'utti isin hin kaasin, waan dur yaadattanii biiluu irraa bayu'uu jecha ittin roorrisinaa isaanif araramaa balleessaa isaan isinitti dalagan irraanfadhaa irra dabra'aaf,

\*Waan gaarii dalagu'urratti wal gargaaraa

\*Ammas waan hamtuu dhiisu'urratti wal gargaaraa,

\*Dili'iifii seera dabru'urratti wal hin gargaarinaa, diliin waan qalbiin namaa hin jaalanne kan hoggaa isii dalagan namarraa qaanfatan,

\*Rabbi sodaadha'aa,waanin je'u dhagayaa

وَلَا الشَّهْرَ الْحَرَامَ

وَلَا الْهَدْيَ

وَلَا الْفَلَاحِيْدَ

وَلَا آيَاتِ الْبَيْتِ الْحَرَامِ

يَتَّبِعُونَ فَضْلًا مِّن رَّبِّهِمْ

يَتَّبِعُونَ فَضْلًا مِّن رَّبِّهِمْ وَرِضْوَانًا

وَإِذَا حَلَلْتُمْ

فَأَصْطَادُوا

وَلَا يُجْرِمَنَّكُمْ

شَتَاتُ فَوْمٍ

أَن صَدُّوْكُمْ عَنِ الْمَسْجِدِ الْحَرَامِ

أَن تَعْتَدُوا

وَتَعَاوَنُوا عَلَى الْبِرِّ

وَالنَّقْوَىٰ

وَلَا تَعَاوَنُوا عَلَى الْإِثْمِ وَالْعُدْوَانِ

وَاتَّقُوا اللَّهَ

2} \*Rabbiin kan qixaan'i isaa jaba'aati  
kan namni isatti balleeyse qixaaxa ha-  
maa mudatu

إِنَّ اللَّهَ شَدِيدُ الْعِقَابِ ﴿٢﴾

\*Wanni ifiin du'e haraam isinirratti godh-

حُرِّمَتْ عَلَيْكُمُ الْمَيْتَةُ

amte, bakhtiin nyaatun isiniif hin gayu, waan hin gorra'amin kan ifiin du'e dhii-  
gatu isii keessatti hafee foon isi'ii balleessa, duuba foon san nyaatun dhukkuba  
namatti fida,

\*ammas dhiiga yaa'u nyaatun isinirratti dho-  
wwama

وَالدَّم

\*Ammas foon khakkarro'oo nyaatun dhoo-  
wwame, waan inni dhukkuba hamaa qabuuf  
jecha,

وَلَحْمِ الْخَنزِيرِ

\*Waan maqaa, maqaa Rabbiin tayiniin

وَمَا أَهْلَ لَعْنِ اللَّهِ بِهِ

qalame nyaatun dhoowwa', kan maqaa mukaatin, maqaa jinni'iitin, maqaa  
namaatin qalame nyaatun dhoowwa', yookaa hin gayu {uhilla} jechuun; ma-  
qaa waan Rabbin tayinii dhawanii qooqa ol fuudhanii waa qalu',

\*Waan hudhamee du'e nyaatun isiniif hin  
gayu,

وَالْمُخْحَقَةُ

\*Ammas waan dhawiinsan du'e nyaatun hin  
gayu,

وَالْمَوْقُودَةُ

\*Ammas waan gaararraa dhaqee yookaa  
boolatti dhaqee du'e nyaatun hin gayu,

وَالْمَرْدِيَّةُ

\*Waan wal a'uudhan du'e nyaatun haraami  
yookaa hin gayu,

وَالنَّطِيحَةُ

\*Waan bineensi ciniine yookaa irraa nya-  
tee sababaa saniin du'e nyaatun hin gayu,

وَمَا أَكَلَ السَّبْعُ

\*Waan dubbanne kanarraa waan lubbuu

إِلَّا مَا ذَكَّيْتُمْ

keessatti dhaqqabdaniin odoon du'in gorraatan malee, fakkeessa'aaf; yoo waan  
hallayyaa dhaqe yookaa bineensi cineene odoo lubbuun keessaa hin bayin  
dhaqqabaniin gorra'an nyaatun ni gaya,

\*Waan sanamaaf qalame yookaa gorra'ame  
nyaatun hin gayu,

وَمَا ذُبِحَ عَلَى النُّصُبِ

\*Waan azlaam je'amuun hiree yookaa

وَأَنْ تَسَنَّفِسُوا بِأَلْسِنَتِكُمْ

faala laallatuun hin gayu, azlaamni muka yookii sumayyo',wanni arabni isla-  
ama dura faalan laallatuu ture,muka yookaa sumayyoo sadii fudhaniiti takka-  
rratti {taate} jechaa katabanii,takkarratti {hin taane} jechaa katabanii,tan sadee-  
ssa'aa homaa irrattin katabanii dhiisan,duuba namni waa dalagu'uu ka'e, muka  
sadeen saniin faala laallata, duuba yoo kan {taate} jechaan irratti katabbi'ii ba-

atef ,waan ka'eef ni dalaga, yoo kan {hin taane} jechaan irratti katabbi'ii baatef waan ka'eef irraa dhaabbata, ammoo yoo kan irratti waa hin katabamin baatef hixaa lammada itti deebisa, duuba akkanatti, yookaa karaa kanaan namni waan isaa qoodameefii waan isaa hin qoodamin baruu barbaaduu Rabbiin irraa dhoowwe, waan isaan hoggaa hixaan akkatti bayeef sanamaatu waa nuu qoode jechaa yaadaniif jecha, ammoo hixaan hoggaa namaaf baye Rabbumaatu naa qoode jechaa yaadan haraamii mitii, hin dhoowwamu. sun waan islaamni dhufeenii

\*Waan Rabbiin irraa isiin dhoowwe dalaguun karaa Rabbirraa bayu'u, warra karaa Rabbii qabatu Rabbiin nu haa godhuu,

ذَلِكَمُفَسْقٌ

\*Ar'a warri Rabbitti kafare diinaa keessan

الْيَوْمَ يَبْسُ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ دِينِكُمْ

balleessu'uufii,diinaa keessanirraa isin deebisuu dadhabuu isaanii beekhanii hubatan, tanaaf jecha diinaa balleessu'uufii irraa nama dhowwurralle'ee garaa muratan, waan islaamni akkaan heddommaatee jabaatef jecha,

\*Tanaaf jecha kuffaara hin sodaatinaa, kuffaarri islaamarraa nu dhoowwu dandayaa hin yaadinaa, anaatu isin wajji jiraa hin sodatinaa,

فَلَا تَخْشَوْهُمْ

\*Anuma sodaadhaa, waanin an isiniin je'u dhagayaa,

وَأَخْشَوْنَ

\*Guyyaa ar'aa kanansun guyyaa arafa`aatii

الْيَوْمَ أَكْمَلْتُ لَكُمْ دِينَكُمْ

heera shari'aa teessanii isiniif guute, aayaanni tun hajjii dhaamanna'aa, tan nabi Muhammad godhe keessatti isarratti buute, eega sanii aayanni waa halaal gootufii tan waa haraam gootu hin buune,

\*Qananii diinaa kiyyaa isiniif guute makka qabatu'uun, namni karaa hundaan bakka hundaa islaamatti seenu'uun,

وَأَتَمَّمْتُ عَلَيْكُمْ نِعْمَتِي

\*Karaa diinaa islaamaa isiniif maraxee isiniif jaaladhee isa qabadhaa,

وَرَضِيتُ لَكُمْ الْإِسْلَامَ دِينًا

\*Namni waan isarratti haraam godhame

فَمَنْ أَضْطَرَّ فِي مَخْصَصَةٍ

nyaatu'utti dirqame, beelti isa miitu itti argamtee waan biraa kan nyaatu dhaabee, rakkoon waan san nyaatu'utti isa dirqitu itti argamte, waan nyaatun isarratti dhoowwame sanirraa waan lubbu'uun if eegu nyaatuu ni qaba,

\*Kan gara dili'ii hin jallanne gara dili'ii

غَيْرِ مُتَجَانِفٍ لِآئِمَّةٍ

jallatuun, yookaa goruun bakhtii yookaa waan nyaatun isarratti dhoowwamu san hanga lubbu'uun if eegurra dabarsee nyaatu, takkaa garaa guuttatu', sun

waan isaaf hin geenye, wanni isaaf gayu, waan hanga nyaata biraa argatu du'arraa isa dhoowwu qofa nyaatu',

3} \*Nama waan isarratti dhoowwame

فَإِنَّ اللَّهَ عَفُورٌ رَّحِيمٌ ﴿٣﴾

nyaatu`utti dirqamee, duuba hanga lubbu'uun if eegu qofa nyaate Rabbiin hin gaafatu, yookaa hin qixaaxu, ammas waan san nyaatuu isaaf geessisu'uun rahgmata isaaf godha.

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad ummanni kee waan nyaatun isaanif gayurraa si gaafatan, eega waan nyaatun isaanirratti haraam godhame baranii,

يَسْأَلُونَكَ مَاذَا أَحَلَّ لَهُمْ

\*Wanni jettuun; wanni mi'ooytun lubbuun namaa hin balfine hundi halaal isinii godhamtee nyaatu'uufii dhuguun isiniif gayaa nyaadha'aa dhugaa,

قُلْ أَحَلَّ لَكُمْ الطَّيِّبَاتُ

\*Ammallee wanni {jawaarihgni} isin bar-

وَمَا عَلَّمْتُمْ مِنَ الْجَوَارِحِ

siiftan, isiniif qabde, halaal isinii godhamtee nyaadhaa, {jawaarihg} jechuun; bineensa waa al'oolu, kan akka sare'ee, ammallee allaatti'ii, kan bineensa alaa kan akka borofaa, khuruppo'oo faa, qabdee namaaf fiddu,

\*Tan isin isii bineensatti ergattan,

مُكَلِّبِينَ

\*Tan al'ooluu isii barsiiftan,

تُعَلِّمُونَهُنَّ

\*Karaa yookii akkaataa al'oolaa kan Rabbiin aylii isinii kennee isin barsiisen, al'oola isii barsiiftan,

بِمَا عَلَّمَكُمُ اللَّهُ

\*Waan isiin isiniif qabdee ajjeeftee isinii

فَكُلُوا مِمَّا أَمْسَكْنَ عَلَيْكُمْ

fidde nyaadhaa, sharxiin waan wanni akka sare'ee namaaf ajjeefte nyaatun namaaf gayu'uu; yoo sareen sun tan al'oola beytu taate wanni isiin al'oola baruu beekaniin yoo bineensatti diran, yookaa kaasan, itti ka'u yoo irraa dhaaban dhaabbatu', ammas waan qabdi sanirraa foon nyaatuu dhabu', haala kana aadaa godhatu', aadaa godhatuun isi'ii hoggaa sadii fa'aan beekhan yookaa argama, ammoo ta al'oola hin beyne, saree taatuu, allaattii taatuu waan isiin qabdee ajjeefte nyaatun hin gayu, akkasuma yoo waan qabderraa waa nyaattes waan isiin qabde san nyaatun hin gayu,

\*Hoggaa saree yookaa allaattii bineensatti kaaftan maqaa Rabbii dhawaa {bismillaahi} je'aadhaa itti ergaa,

وَاذْكُرُوا اسْمَ اللَّهِ عَلَيْهِ

\*Rabbi sodaadhaa, waan inni karaa isinii godhe qabadhaa, cubbu'urraa fagaadhaa,

وَأَنْقُوا اللَّهَ

4} \*Rabbiin kan gaafin isaa daddaffi'iiti, kan waan uume hunda, waan isaan dalaganirraa waytii xiqqoo keessatti gaafatee fixu.

\*Ar'a wanni lubbuun namaa hin balfine hundi halaal isiniif godhamte,

\*Ammas nyaanni warra kitaaba kennamee, isiniif halaali, wanni yahuuda'aafii nasaaran qalte isiniif halaal godhamee nyaatuu qabdan

\*Nyaanni keessanis isaanif halaali,

\*Dhalaa bilisa, tan islaamaa, fuudhun isiniif halaali,

\*Ammallee dhalaa bilisa tan warra isin dura kitaaba kennamee tan yahuuda'aatifii nasaara'aa fuudhun isiniif halaali,

\*Yoo mahri isi'ii isi'iif kennitan,

\*Karaa fuudhatiin,

\*Kan karaa zina'aatin hin tayin, yookaa karaa gumnumma'aatin hin tayin, gumnummaa dirree baaftanii, kan isi'itti hin dalayne,

\*Kan ammallee zinaa yookaa gumnummaa dhoysa'aan isi'ittin dalayne karaa gaarayyuu yookaa khoonisu'uutin,

\*Namni shari'aa islaamatti kafare, kan islaamarraa deebi'e,

\*Dhugumaan dalagaan isaa bade wanni gaarin inni dalage hundi tan odoo hin kafarin dalage hundi duraa baddee hin lakkaa-wantuufii inni isi'irratti sawaab yookaa galata hin argatu,

5} \*Inni aakhira'atti warra waan gaarii hundarraa takkaayuu sawaaba waan dalagee hundarraa hoongayu takkaa deegu.

\*Yaa warra Rabbitti amane

\*Yoo salaatatti ka'uu feetan isinii wissaa hin qabne, takkaayuu wuduu'a hin qabne

\*Fuula keessan dhiqaa, gurrarraa hanga gur-

إِنَّ اللَّهَ سَرِيعُ الْحِسَابِ ﴿٤﴾

الْيَوْمِ أُحِلَّ لَكُمْ الطَّيِّبَاتُ

وَمَا كُنْتُمْ تَحْلِلُونَ

وَمَا كُنْتُمْ تَحْلِلُونَ

وَالْمُحْصَنَاتُ مِنَ الْمُؤْمِنَاتِ

وَالْمُحْصَنَاتُ مِنَ الَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ مِن قَبْلِكُمْ

إِذَا آتَيْنَهُنَّ أُجُورَهُنَّ

مُحْصِنِينَ

غَيْرِ مُسْفِحِينَ

وَلَا تُتَّخَذِ الْآخِدَانِ

وَمَن يَكْفُرْ بِالْآيَاتِ

فَقَدْ حَبِطَ عَمَلُهُ

وَهُوَ فِي الْآخِرَةِ مِنَ الْخَسِرِينَ ﴿٥﴾

يَتَأَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا

إِذَا قُمْتُمْ إِلَى الصَّلَاةِ

فَاعْسِلُوا وُجُوهَكُمْ

ratti bakka rifeensi mata'aa irraa mayruu jal-qaburraa hanga lafee areedaa jalatti bishaan qulqullu'uun dhiqaa,

\*Harka keessan lamaanis ciqilee lamaanin wajji dhiqa', kan bakka takka irraa hin dhiifne ,

\*Mataa yookaa rifeensa mataa keessanii bishaanin tuqaa,kan bishaan irra hin yaafne

\*Miila keessan lamaanis koomee lamaanin

وَأَيْدِيكُمْ إِلَى الْمَرَافِقِ

وَأَمْسَحُوا بِرُءُوسِكُمْ

وَأَرْجُلَكُمْ إِلَى الْكَعْبَيْنِ

wajji dhiqaa, wuduu'ni akkaataa xiqqo'oofii, akkaataa guddoo qaba, akkatan xiqqoon wuduu'a yaadu'uun wajji fuula dhiqu',eegasii harka lamaan dhiqu' , eegasii mataa yookaa rifeensa isaa haqu', eegasii miila lamaan hanga koomee lamaanitti dhiqu', hoggaa takka takka akka dubanne kanatti dalagaa wuduu'aa oofee, fuularraa niyya'aan wajji jalqabee, hanga miilatti deemsisee , ammoo akkaatan wuduu'aa, yookaa wissa'aa guutun, dura odoo bishaan harkan keenye hoggaa sadii shanacha harkaa dhiqu', eegasii afaan lulluqatu', funyaanis dhiqu', bishaan funyaanin fif je'ee gad deebisee, hoggaa sadii sadii, eegasii fuula dhiquu, eegasii harka lamaan dhiqu' hoggaa sadii sadii mirgaan jalqabee, eegasii mataan waliin gayanii haqu' hoggaa sadii, eegasii gurra lamaan haqu' keessafii gubbaa sadii sadii, eegasii miila lamaan sadii sadii dhiqu' koomee lamaanin wajji akka dubbanne kanarratti deemee, niyyaadhan wajji, waytiin niyya'aa hoggaa fuula dhiquu jalqaban, san dura sunna' wanni gaarin hoggaa shanacha dhiqanirraa niyyaa jalqabanii, hanga fuula dhiqanitti yaadatu', wanni niyyatan wissa'an godhadhaa qalbi'iin yaadu', yoo dandayan afaaninis dubbatu', wissa'an godhadha je'ee. wuduu'ni waan Rabbiin gabrootan isaatin qananiise kan qaama isaanii isaan ibse, fayyaa isaanii isaanii jabeesse, nabi Muhammad nageenyi isaanirratti haa jiraatuu akka je'an: {namni Rabbitti amane tokko yoo wissa'aaf yookaa wuduu'af ka'ee fuula isaan dhiqate diliin inni ijaan dalage hundi bishaan fuula dhiqeen wajji irraa buute, hoggaa harka isaa lamaan dhiqate, diliin harkaan dalage marti bishaanin wajji irraa buute, hoggaa miila isaa lamaan dhiqe, diliin inni miilan dalage marti, bishaanin wajji irraa buute, hanga dili'irraa qulqullaayu takkatti, hanga diliin isaa kottee isaatifii nyaara isaa jalaa baatutti}, je'an ,akkanatti wuduu'ni faaydaa addunya'aa aakhira'aa qaba, faaydan aakhira'aa tan nabi Muhammad nuu hime tana, ammoo faaydan addunya'aa aakhira'aa tan wuduu'ni qabu, qulqullumma'a, fayya'a, maalif humniti wuduu'a keessatti dhiqamtu humna xurii tuquun isiidhaa heddommaatu, tan akka fuulaa harkaa, miilaa, duuba hoggaa shan guyya'arraa isii dhiquun, dhukkuba qaama hundarraa ittisu', fayyaa qaama harkisu' ,wanni wuduu'ataniin bishaani, kan waa ittin makhamin kan najifni yookaa xuriin akka dhiigaa, ud-aanii, fincaanii hin tuqin, kan san dura ittin dalagaminn ,kan wanni bishaan

qaama gayuu dhoowwu , kan akka mooraa, kan akka bordodaa faan, qaa-marraa hin jirre .

\*Yoo janaabtaa qabaattan, janaabtaa qabaa-

وَإِنْ كُنْتُمْ جُنُبًا

tun beeratti ida'amu', bishaa isaanirraa bayuu, bayuu baatuu, takkaa manaaman yookaa abju'uun dhalaa arganii, yookaa isiin dhiira gartee takkaa akkumanuti bishaan uumaa namaa kan arabni maniyyii je'uun namarraa bayu' yoo bishaan irraa hin bayin janaabtaa hin je'amu,

\*Yoo janaabtan akka dubbanne kanatti

فَاطْهَرُوا

isinitti dhufte, if xahaarsaa, if qulqulleeysaa, qaama hunda dhiqatu'uun , nafaafii rifeensa, hunda waliin gaya'aa, rifeensi dhala'aa dhawamaan yoo kan bishaan keessa hin seenne taate, furaniiti akka keessa seenu godhan , wanni hoggaa janaabtan nama qabde, qaama dhiqatuun barbaadamuuf : hoggaa bishaan uumaa namaa namarraa bayu, qaama hundaatu nama laafata, waan inni qaama hunda keessaa bayuuf, duuba wanni qaama laafate san jabeesu, qaama hunda bishaanin dhiqatu',

\*Yoo kanneen dhukkubni isinitti jiru taatan

وَإِنْ كُنْتُمْ مَرْضَىٰ

yoo dhukkubni bishaan tuquu isin dhoowwu isinitti jiraate, waan dhukkubni isinitti ida'amuuf, yookaa fayyuun isaa booda aanuf yoo bishaan tuyxan,

\*Takkaa yoo kan diida, yoo kaa imaltuu, yookaa safarraa jirtan taatan,

أَوْ عَلَىٰ سَفَرٍ

\*Takkaa yoo tokkoon keessan bakka itti udaanerraa dhufe,

أَوْ جَاءَ أَحَدٌ مِّنْكُمْ مِنَ الْغَائِطِ

\*Takkaa yoo dhalaa alaga'aa kajeelamtuu tuyxan, takkaa itti ida'amtan,

أَوْ لَمَسْتُمُ النِّسَاءَ

\*Duuba bishaan dhiqattaniin barbaaddat-anii dhabdan ,

فَلَمْ يَجِدُوا مَاءً

\*Barbaadaa,

فَتَيَمَّمُوا

\*Biyyee,

صَعِيدًا

\*Xaahira tan najifni hin tuqin, takkaa ittin dalagamin barbaaddadhaa,

طَيِّبًا

\*Duuba biyyee saniin fuula keessan haqaa,

فَأَمْسَحُوا بِوُجُوهِكُمْ

\*Ammas harka keessan biyyee saniin ha-

وَأَيْدِيكُمْ مِنْهُ

nga ciqilee lamaanitti haqaa, akkaatan tayammuma itti godhatan biyyee qulqulluu hoggaa lama harkaan takkaa, waan biraatin dhawaniin , dhawiinsa tokkoon, fuula haqanii, dhawiinsa kaanin, harka lamaan hanga ciqille'etti haqu' , namni wuduu'af ka'ee, bishaan dhabe, yookaa itti dalaguu dadhabe akka dabarsinetti,



biyye'een fuulafii,harka haqee,waan silaa wuduu'an dalagu'uu deemu dalaga, namni janaabtan qabdes,yoo bishaan qaaman dhiqatu dhabe, biyye'een fuulafii harka dhawatee, waan silaa odo qama dhiqatee dalagu dalaga, akkanatti tay-ammumni wuduu'afii qaama dhiqatu'urraa bakka dhaabbata, yoo rakkoon bishaanirraa nama dhoowwitu namatti argamte,

\*Rabbiin wuduu'afii qaama dhiqatu`utti isin ajaju'uun, yoo bishaan dhabdan tayammumatti isin ajaju'uun,diin keessan isinitti rakkisuu hin fedhu, {hgaraj} jechuun: rakko',

\*Haa tayuu wanni Rabbiin fedhu wasakh-arraa yookaa xuri'irraa, ammallee dili'irraa isin qulqulleessuu,

\*Ammallee karaa diinaa kee ssanii isinii addeysu'uun qananii isaa isinii guutuu fedha 6} \*Akka qananii isaa tanarratti , galata

Rabbii keessaniif galchitan, Rabbiin guddaan nu uumun qananii takka, ammas karaa fayyaa qaama keenyaa arganuun nu qajeelchun,qananii biraati, ammas bishaan xuri'irraa nu qulqulleessu nuu uumun, qananii biraati, duuba kana hunda beynee itti dalaynee, galata isaa galchuun haala gabricha Rabbii kan dhuga'aati.

\*Yaa warra Rabbitti amane, qananii Rabbii tan islaamaa isin godhuudhan isin qananiise yaadadhaa,

\*Ammallee baallama isin Rabbiif seen tan kan nabi Muhammadiif karaa islaamati qabannaa, irraa hin mayn'u jettanii seentan ,kan baallama san Rabbiin isinitti gad jabeesse yaadadhaa ,

\*Gaafa ergamaan kiyya Muhammad akka

diinaa Rabbii qabattan ammallee isa mul'isuudharratti na gargaartan baallama naa seenaa, isiniin jennaan, tole, waan ati jettu dhageenyee, waan ati itti nu ajajju ni dalayna, waan ati irraa nu dhoowwitu irraa dhoowwamna,

\*Kanarratti si jala deemna siin hin moromnu jettaniin yaadadhaa ,baallama san dalaga'arra oolchaa,

\*Rabbi sodaadhaa, baallama hin diiginaa

7} \*Rabbiin waan isin qoma qabdan ni beekaa irraa isin gaafata.

مَا يُرِيدُ اللَّهُ لِيَجْعَلَ عَلَيْكُمْ مِنْ حَرَجٍ

وَلَكِنْ يُرِيدُ لِيُطَهِّرَكُمْ

وَلِيُتِمَّ نِعْمَتَهُ عَلَيْكُمْ

لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٦﴾

وَأَذْكُرُوا نِعْمَةَ اللَّهِ عَلَيْكُمْ

وَمِمَّا تَشْكُرُوا الَّذِي وَانْفَكُمْ بِهِ

إِذْ قُلْتُمْ سَمِعْنَا

وَأَطَعْنَا

وَاتَّقُوا اللَّهَ

إِنَّ اللَّهَ عَلِيمٌ بِذَاتِ الصُّدُورِ ﴿٧﴾

Yaa warra Rabbitti amane,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا

\*Haqa Rabbiitin akkaan dhaabbadhaa yoo-  
kaa warra haqa Rabbiitin akkaan dhaabbatu  
tayaa,

كُونُوا قَوَّامِينَ لِلَّهِ

\*Isinii haqaan ragaa bayu, yoo ragaa taatan,

شُهَدَاءَ يَأْتِسَطُ

\*Isin hin kaasin,

وَلَا يَجْرِمَنَّكُمْ

\*Orma tokko jibbuun , haqaan isaanin wajji

شَتَانُ قَوْمٍ عَلَىٰ ءَلَّا تَعْدِلُوا

deemuu dhabu'utti isin hin kaasin {yajrimannakum} jechuun; isin hin kaasin jechu', {shan'aanu} jechuun ; jibbansa jechu', makgnaan kanaa: abalu jibbin-a'aaf haqarraa hin maqinaa, raga'aaffii waaan biraa keessattillee jechu',

\*Haqaan deemaa, haqaan deemuu santu odoo xilaatan wajjillee taatee sodaa Rabbitti dhiyaata, sodaan Rabbii jannatatti nama geessite

ءَدِلُوا هُوَ ءَقْرَبُ لِلتَّقْوَىٰ

8} \*Rabbi sodaadhaa ,karaa haqarratti deema-  
a'aa , waan gaarii dalagaa nama hundaan  
wajji, Rabbiin waan isin dalaydan ni bee-  
khaa, galata isiniif galachaa.

وَأَتَّقُوا اللَّهَ إِنَّ اللَّهَ خَبِيرٌ بِمَا تَعْمَلُونَ

٨

\*Rabbiin warra amanee, waan gaarii dala-  
geef baallama gaarii seenee jira,

وَعَدَ اللَّهُ الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

9} \*Wanni wakgada isaanif seene dilii isaa-  
nif araamee ,galata guddaa isaanif kennu',  
sun jannataa kan isa keessatti waan lubbuun  
feetu hunda argatanii qanani'an.

لَهُمْ مَغْفِرَةٌ ءَجْرٌ عَظِيمٌ

\*Warri Rabbitti kafaree qur'aana qeebaluu  
dide, yookaa kijibsiise,

وَالَّذِينَ كَفَرُوا وَكَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

10} \*Isaan warra ibiddaati ,kan zalaalamii  
keessaan baane.

أُولَٰئِكَ أَصْحَابُ الْجَحِيمِ

\*Yaa warra Rabbitti amane qanani Rabbiin  
isiniin qananiise yaadadhaa,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا أَذْكُرُوا

\*Gaafa tokko kan kuffaari queryhgu`uu  
isin miidhu'uuf harka isinitti laatu yaadee  
isiniin makka keessatti harka isaa nii seene,  
kan miya lolaa harkaa hin qabne, kan lack-  
ooyi keessan xiqqa'aa, kan san dura nama  
irraa fixxan lola badritti,

نِعْمَتَ اللَّهِ عَلَيْكُمْ إِذْ هُمْ قَوْمٌ يَبْسُطُونَ

إِلَيْكُمْ أَيْدِيَهُمْ

\*Duuba Rabbiin harka kuffaaraa isinirraa qabee, balaa isaanii jalaa isin baase, kan silaa isin fixan, qanani san yaadadhaa

11} \*Rabbi sodaadhaa ,warri Rabbitti dhuga'aan amane Rabbumatti haa irkatuu, wah-ayyuufuu isuma haa abdatuu.

\*Rabbiin ilmaan israa'iil,yahuuda'arraa, akka waan towraat keessa jirutti dalagan baallama fuudhee jira, nabi muusaa itti ergee

\*Garaada,yookaa hayyoota kudha lama

isaanirraa maran'ee,shuumne,takkaayuu dhaabne,waan ibiddi ilmaan {yakg-quub} kudha lama tayeef, warra hundarraa nama fuudhanii shuuman, kan akka isaan baallama Rabbi guutan isaan godhu,

\*Duuba Rabbiin akki je'een; an isiniin wajjin gargaarsa kiyyaan jiraa,

\*Yoo salaattanii, zakaa baafattan,

\*Ammas ergamoota kiyya hundatti amantan ,kan isaan addaan hin baafne, gari'itti amantanii gari'itti kafartanii,

\*Yoo ergamoota kiyya kabajjanii, isaanii tumsitaa,

\*Yoo sadaqaa Rabbiif jecha kennattan

kan isi'iin nama kennitaniifittin dhaaddanne, yookaa liqiin gaarin Rabbi jettanii liqeessitan, liqii dhalan qabne, akkasuma waan karaa Rabbi taye hunda keessatti horii ifii baasun,Rabbiif liqeessuu je'amaa,yoo waan dubbanne kana hunda dalaydan,

\*Dilii teessan hunda isiniifan araarama,

\*Bakka qanani'ii jannata masnoo isaa keessa lagootin olii gad yaatu, kan wanni lubbuun feetu hundi keessa jirtun isin seensisa,

\*Duuba nama isinirraa eega baallama saniitii kafare,namni isinirraa eeguma karaa haqaa argee,beekhee,Rabbi isaa morome,

12} \*Dhugumaan karaa haqa raa jallate. jechaa beekaa jenneen.

\*Duuba sababaa ormi yahuuda'aa ballama isaanii kan Rabbiin isaan seensise diiganiif

فَكَفَّ أَيْدِيَهُمْ عَنْكُمْ

وَاتَّقُوا اللَّهَ وَعَلَى اللَّهِ فَلْيَتَوَكَّلِ الْمُؤْمِنُونَ

11

وَلَقَدْ أَخَذَ اللَّهُ مِيثَاقَ بَنِي إِسْرَائِيلَ

وَبَعَثْنَا مِنْهُمُ اثْنَيْ عَشَرَ نَقِيبًا

isaanirraa maran'ee,shuumne,takkaayuu dhaabne,waan ibiddi ilmaan {yakg-quub} kudha lama tayeef, warra hundarraa nama fuudhanii shuuman, kan akka isaan baallama Rabbi guutan isaan godhu,

\*Duuba Rabbiin akki je'een; an isiniin wajjin gargaarsa kiyyaan jiraa,

\*Yoo salaattanii, zakaa baafattan,

\*Ammas ergamoota kiyya hundatti amantan ,kan isaan addaan hin baafne, gari'itti amantanii gari'itti kafartanii,

\*Yoo ergamoota kiyya kabajjanii, isaanii tumsitaa,

\*Yoo sadaqaa Rabbiif jecha kennattan

kan isi'iin nama kennitaniifittin dhaaddanne, yookaa liqiin gaarin Rabbi jettanii liqeessitan, liqii dhalan qabne, akkasuma waan karaa Rabbi taye hunda keessatti horii ifii baasun,Rabbiif liqeessuu je'amaa,yoo waan dubbanne kana hunda dalaydan,

\*Dilii teessan hunda isiniifan araarama,

\*Bakka qanani'ii jannata masnoo isaa keessa lagootin olii gad yaatu, kan wanni lubbuun feetu hundi keessa jirtun isin seensisa,

\*Duuba nama isinirraa eega baallama saniitii kafare,namni isinirraa eeguma karaa haqaa argee,beekhee,Rabbi isaa morome,

12} \*Dhugumaan karaa haqa raa jallate. jechaa beekaa jenneen.

\*Duuba sababaa ormi yahuuda'aa ballama isaanii kan Rabbiin isaan seensise diiganiif

وَقَالَ اللَّهُ إِنِّي مَعَكُمْ

لَئِنْ أَقَمْتُمُ الصَّلَاةَ وَآتَيْتُمُ الزَّكَاةَ

وَءَامَنْتُمْ بِرُسُلِي

وَعَزَّيْتُمُوهُمْ

وَأَقْرَضْتُمُ اللَّهَ قَرْضًا حَسَنًا

لَأُكَفِّرَنَّ عَنْكُمْ سَيِّئَاتِكُمْ

وَلَأُدْخِلَنَّكُمْ جَنَّاتٍ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا

الْأَنْهَارُ

فَمَنْ كَفَرَ بَعْدَ ذَلِكَ مِنْكُمْ

فَقَدْ ضَلَّ سَوَاءَ السَّبِيلِ 12

فِيمَا نَقَضْتُمْ مِيثَاقَهُمْ

jecha,

\*Isaan abaarree rahgmata keenyarraa isaan fageessinee,

\*Onnee isaanii goggoysine, tan haqa hin eeamne kan qalbiin isaanii goggoydee, so-daa Rabbii dhabuu keessa, dubbii towraat akka Rabbiin itti buuseraa jirjiiran,

\*Isaan waan towraat keessatti itti ajaja

man hedduu dhiisan, waan isaan towraat keessatti itti ajajaman, kan isaan dhii-sanirraa tokko: nabi Muhammaditti amanu', yoo dhaqqaban, duuba yahuudan zamana nabi Muhammad jirtu kanuma towraat keessatti nabi Muhammaditti amanaa jechaa argan itti amanuu didan, inumaa sanirratti hin dhaabbannee, qotaa isaatif ori'an,

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad hogguma hunda akka ormi yahuuda'aa si ganu agarta, baallama siif seenan diigu'uufii karaa bira-lle'een,

\*Nama xiqqaa malee, sun warra isaanirraa amanee,

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad odoo

ormi yahuuda'aa akkatti sitti balleessanii jiranuu, afwii isaanif godhi, yookaa irra dabriif, yoo balleessa'arraa deebi'anii amanaman, yookaa akka eegana sittin deebine baallama siif seenan,

13} \*Rabbiin warra tola namaa oolu jaalata

warra namaaf araaramu'uun, horii namaa kennu'uun, yooka barmoota namaaf dabarsu'uun, yookaa balaa namarraa deebisu'uun, tola namaaf oolu Rabbiin jaalata.

\*Ammas warra nuti nasaaraa ifiin je'urraa akka nabi Muhammaditti amanaman baallama fuunee jirra, nabi iisaa itti erginee

\*Duuba waan itti ajajamanirraa waa dhiisa-

nii baallama Rabbii diigan, {nasuu} jechuun: dhiisan jechu', {hgazgan} jechuun: qooda jechu', {zhukkiruu} jechuun: itti ajajaman jechu', nasaaronni nabi Muhammaditti amanuu didaniiti waan itti ajajamanirraa qooda tokko dhiisanii Rabbitti balleeyisan,

\*Duuba sabaabaa kanaaf jecha nasaaraa jid-du`utti xilaatumma'aafii wal jibbuu darbine ,

لَعَنَهُمْ

وَجَعَلْنَا قُلُوبَهُمْ قَاسِيَةً يُحَرِّفُونَ

الْكَلِمَ عَنْ مَوَاضِعِهِ

وَنَسُوا حَظًّا مِمَّا ذُكِّرُوا بِهِ

وَلَا نَزَالُ نَطَّلِعُ عَلَى خَائِنَةٍ مِنْهُمْ

إِلَّا قَلِيلًا مِنْهُمْ

فَاعْفُ عَنْهُمْ وَاصْفَحْ

إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ الْمُحْسِنِينَ

وَمِنَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّا نَصْرِي أَخَذْنَا

مِيثَقَهُمْ

فَنَسُوا حَظًّا مِمَّا ذُكِّرُوا بِهِ

فَأَغْرَيْنَا بَيْنَهُمُ الْعَدَاوَةَ وَالْبَغْضَاءَ إِلَى يَوْمِ

kan hanga guyyaa qiyaama'atti deemu, ormi nasaaraa ifiin je'u hanga guyyaa qiyaama'atti wal didda'aafii wal jibbuun isaan jidd-u'uu hin dhabamtu, waan yaanni isaanii adda adda tayeef,

14} \*Rabbiin guyyaa boruu yookaa guyyaa qiyaama'aa balleysaa nasaaran dalayde isaan beysisu'uu taa'a, isaan qixaaxu'uu jecha.

\*Yaa warra kitaabaa, isaan nasaara'aafii yahuuda'aa,

\*Ergamaan keenya muhammad dhuga'aan isinitti dhufee jiraa, itti amanaa,

\*Isaa waan hedduu isin towraatiffii injiilirraa dhoysitan isiniif mul'isu, waan akka aayata dubbii nabi Muhammad qabduu tan isin kitaaba keenya keessan jirtu jettanii dhoysitan, ammas kan akka aayata nama eega fuudhee sharmuuxa taye dhagaadhan dhawa'aa ajjeesaa jettu mul'isu tan isin dhoysitan ,

\*Kan waan hedduu yoo mul'atte isin qaanessuu malee faaydan biraa keessan jirre ,mul'isuu dhiisu,yookaa kan nama isatti ball-eessef hedduu araaramu jechu',

15} \*Dhugumaan Rabbirraa nuurri yoo kaa ifaan isiniif dhufe, nuurri sun nabi Muham-madi, kan karaa Rabbii namaaf ibsu, ammallee kitaabni mul'ataan Rabbirraa isiniif dhufee jira inni qur'aana.

\*Rabbiin qur'aanan nama jaalala Rabbii jala deemu karaa nagayaa qajeelcha,

\*Ammas Rabbiin qur'aanan dukkanarraa ifa'atti nama baasa, dukkana kufri'irraa ifaa iimaanatti nama baasa,

16} \*Ammallee karaa qajeello`oo isaan

qajeelcha sun karaa diinaa islaamatii, ifaan karaa islaamaa lama; sun qur'aanafii hadiisa nabi Muhammad, namni isaan lamaan qabate dhugumaan ifaa

الْقِيَمَةِ

وَسَوْفَ يُنَبِّئُهُمُ اللَّهُ بِمَا كَانُوا

يَصْنَعُونَ ﴿١٤﴾

يَأْهَلِ الْكِتَابِ

قَدْ جَاءَكُمْ رَسُولُنَا

بَيِّنَاتٍ لَكُمْ كَثِيرًا مِّمَّا كُنْتُمْ

تُخْفُونَ مِنَ الْكِتَابِ

وَيَعْفُوا عَنْ كَثِيرٍ

قَدْ جَاءَكُمْ مِنَ اللَّهِ نُورٌ وَكِتَابٌ

مُبِينٌ ﴿١٥﴾

يَهْدِي بِهِ اللَّهُ مَنِ اتَّبَعَ رِضْوَانَهُ

سُبُلَ السَّلَامِ

وَيُخْرِجُهُم مِّنَ الظُّلُمَاتِ إِلَى

النُّورِ بِإِذْنِهِ

وَيَهْدِيهِمْ إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿١٦﴾

karaa Rabbii qabatee, kara'arraa maquu ifin sodaatuu, nagayaan Rabbii isatti gaya .

\*Warri nasaara'aa kanneen iisan ilmi maryam Rabbi je'u, yookaa Rabbiin ilma maryami je'u dhugumaan kafare dhugumaan Rabbii isaa morome,

\*Warra iisa'aan waaqa yookaa Rabbi je`uun akki jettu , mee yoo Rabbiin iisa`aafii haadha isaa maryam ammallee waan addunyaa tanarra jiru hunda lafarraa fi xuu fedhe eenyutu irraa dhoowwu dandaya ? eenyu namni waan Rabbi fedhe jalaa isaan baasuu dandayu? Namni dandayu hin jiru jechu',duuba {iisan} ilmi maryam kan waa ifirraa deebisuu hin dandeenye akkamitti waaqa taya? namni gadaameysa haadhaa keessaa dhiigan wajji baye akkamitti Rabbi taya? isaafii warri akka isatti garaa haadhatii baye hundi Rabbi tayuu dhabuu keessatti wal qixaa, mee maaltu iisaa nama birarraa fooyee, Rabbi isa godha, kun waan ayliin seenne,

\*Samii torbaniifii dachi'iifii, wanni dachi'ifii samii jidduu jiru hundi kan Rabbiitii,

\*Rabbiin waan fedhe akka fedhetti uuma

Rabbiin haadhaa abbaa malee waa uumu, kan akka aadam, ammas abbaa malee haadha qofarraa waa uumu, kan akka {iisa'aa} ammas haadha malee abbaa qofarraa uumu kan akka {hawwa'aa} tan aadamirraa uumamte,

17} \*Rabbiin waa hundarratti dandaya

adhaa,Rabbiin haadhaa abbaa malee raamoo foon keessatti uumu, akkasuma ilmoo garaa haadhaa keessatti abbaa mallee uumuu dandaya, duuba mee akkamitti iisan abbaa malee dhalate'eef Rabbi taya?.

\*Yahuudi'iifii nasaaran akki je`an nuti ilmaan Rabbiitii,ammallee jaalaloota isaati je'an , akkana jechuun isaanii Rabbiin akka ilmaan isatti nu laalaa nama hundarra nu jaalata jechu',

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad wanni

isaanin jettu: yoo ilmaan Rabbiitifii jaalallee isaa taatan maalif hoggaa isin cubbuu dalaydan yookaa dilii dalaydan isin qixaaxa, addunya'arratti isin ajjeesu'uun, aakhira'atti ibidda isin seensisu'uun, akka isinuu hanga guyyaa afurta-maa ni gubannaa yaaddan, abbaan ilman qixaaxuu, jaalli jaallan dhibu, maalif

لَقَدْ كَفَرَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ هُوَ  
الْمَسِيحُ ابْنُ مَرْيَمَ

قُلْ فَمَنْ يَمْلِكُ مِنَ اللَّهِ شَيْئًا إِنْ أَرَادَ أَنْ  
يُهْلِكَ الْمَسِيحَ ابْنَ مَرْيَمَ وَأُمَّهُ  
وَمَنْ فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا

وَاللَّهُ مُلْكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَمَا  
بَيْنَهُمَا

يَخْلُقُ مَا يَشَاءُ

وَاللَّهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١٧﴾

وَقَالَتِ الْيَهُودُ وَالنَّصَارَى نَحْنُ أَبْنَاءُ اللَّهِ  
وَأَحِبُّوهُ

قُلْ فَلِمَ يُعَذِّبُكُمْ بِذُنُوبِكُمْ

Rabbiin ibiddaan isin guba yoo kan dhugaa dubattan taatan? tanaaf jecha nuti ilmaan Rabbiitin ammallee jaalaloota isaatin isin jettan kijibaa,

\*Dhugaan isin ilmaan Rabbiitii mitii, ilmaan namaa kan Rabbiin uume, isin waanuma ilmaan namaa qaban qabdan, toltuu taatuu hamtuu taatuu,

\*Rabbiin nama fedheef ni araarama, nama fedhe ni qixaaxa, namni waan inni dalagu dura dhaabbatuu dandayu hin jiru

\*Sami'ii dachiin, ammallee wanni isaan la-maan jidduu jiru hundi waan Rabbiiti, isaatu uumee isaatu qaba,

18} \*Wanni hundi gara isaati deebitii waan isaan dalagan hundarraa isaan gaafatu'uu jiraata.

\*Yaa warra kitaabaa ergamaan kiyya Muhammad isinitti dhufee jiraa, itti amanaa, kan karaa diina'aa isinii ibsu,

\*Kan waytii ergamoonni Rabbii addaan

citee, sharii'an anbiyoota duraa wallaalante ergame, maalif nabi iisa'aafii nabi Muhammad jidduu bara yookaa amata dhibba shaniifii jahaatamii sagal yookaa torbaatamii tokkootu jira, duuba waytii tana keessa ergamaan diinaa nama barsiisu hin dhufne,

\*Wanni ergamaan kiyya Muhammad isinitti

ergameef akka yoo guyyaa boruu, waan hamtu'urratti qixaaxamtan yaa Rabbi; namni waan gaari'itti nu kaasee, waan hamtu'urraa nu dhoowwu nuttin ergamnee, wallaalan waa hamtuu dalaynee waan gaarii dhiifnee, maalif nu qixaaxa, hin jenne'eefi, akka gaafa san waan himattan dhabdani'iifi isinitti ergine,

\*Duuba hunoo ergamaan waan gaari'itti isin kaasee, waan hamtu'urraa isin dhoowwu isinitti dhufee itti amanaa,

19} \*Rabbiin waan hundarratti dandaya`aa beekaa waan inni irratti dandayurraa , yoo nabi Muhammaditti amanuu diddan isin qixaaxu'.

\*Waan nabi muusan ummata isaa ilmaan israa'iil, yahuuda'aan je'e; dubbadhu,

\*Wanni inni isaanin je'e; yaa ummata kiyya waan Rabbiin isiniin qananiise yaadadhaa,

بَلْ أَنْتُمْ بَشَرٌ مِّمَّنْ خَلَقَ

يَعْفِرُ لِمَنْ يَشَاءُ وَيُعَذِّبُ مَنْ يَشَاءُ

وَلِلَّهِ مَلِكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَمَا بَيْنَهُمَا

وَإِلَيْهِ الْمَصِيرُ ﴿١٨﴾

يَأْتَاهُمُ الْكِتَابُ فَمَا جَاءَكُمُ رَسُولًا يَبِينُ لَكُمْ

عَلَى قَتَرٍ مِّنَ الرَّسُلِ

أَنْ تَقُولُوا مَا جَاءَنَا مِن بَشِيرٍ وَلَا نَذِيرٍ

فَقَدْ جَاءَكُمْ بَشِيرٌ وَنَذِيرٌ

وَاللَّهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١٩﴾

وَإِذْ قَالَ مُوسَى لِقَوْمِهِ

يَنْقُومِ أَدْكُرُوا نِعْمَةَ اللَّهِ عَلَيْكُمْ

isaaf gad je'aa,

\*Kan anbiyoota hedduu isinirraa erge ,  
Rabbiin akka ilmaan israa'ilirraa anbiyoota  
ergetti, gosa birarraa hin ergine,

\*Ammas kan mootota isin godhe,

إِذْ جَعَلْ فِيكُمْ أَنْبِيَاءَ

وَجَعَلَكُمْ مُلُوكًا

20} \*Kan waan nama biraatii hin kennin isi-  
niif kenne kan akka bahara isiniif jecha add-  
aan muru'uu, kun hundinuu waan Rabbiifii  
ergamoota isaa dhagayu'utti isin kaasuu, wa-  
an inni isiniin je'u dhagayaa, dalagaa.

وَأَتَانَكُمْ مَائِمَةٌ يَوْمَ تَأْتِي أَحَدًا مِنَ الْعَالَمِينَ ﴿٢٠﴾

\*Yaa ummata kiyya biyya Rabbiin qulqull-  
eeysetti galaa,sun beytul maqdisii, yookaa  
shaamii,

يَنْقُورِمِ ادْخُلُوا الْأَرْضَ الْمُقَدَّسَةَ

\*Tan Rabbiin seenu'utti isin ajaje,

الَّتِي كَتَبَ اللَّهُ لَكُمْ

\*Irraan deebi'inaa,

وَلَا تَرْتَدُّوا عَلَىٰ أَدْبَارِكُمْ

21} \*Yoo seenuu diddaniif if duuba deebitan  
ni baddan yookaa khasaara'aan deebitanii  
beekaa.

فَنَنْقَلِبُوا خَسِرِينَ ﴿٢١﴾

\*Jennaanin wanni isaan nabi muusa'aan  
je'an ; yaa muusaa biyya san keessa orma  
jabaaa tokkootu jiraa,

قَالُوا يَا مُوسَىٰ إِنَّ فِيهَا قَوْمًا جَبَّارِينَ

\*Hanga ormi sun biyya sanirraa bayutti

وَإِنَّا لَنَرُّدُّهَا حَتَّىٰ يَخْرُجُوا مِنْهَا

nuti biyya san hin seenuu je'aniin, ormi gaafas biyya shaam bulchu kan yah-  
uudan sodaatte {aaraamiyoota} kan shanyii {aad irama zgaatil kgimaad} tayan  
isaan jara dhedheeraa jajjabo',wanni yahuudan jabeenya isaanii beyten, nabi  
muusa'aatu nama hedduu biyya sanitti ergee humna jara sanii hubadhaa je'een,  
duuba deebi'aniiti haala jara sanii nabi muusa'atti odeessan,akkasuma orma  
yahuuda'arraayis hin dhoysinee itti odeysanii, humna jarri sun qabuun isaan  
sodaachisan, ammoo jarri lama warra ergamerraa nabi muusa'atti malee haala  
jara sanii orma yahuuda'aa kan biratti hin odeesine, akka sodatanii, waan  
Rabbiin itti isaan ajajerraa hin oolle jecha'aaf,

22} \*Duuba ormi yahuuda`aa human jara

فَإِن يَخْرُجُوا مِنْهَا فَإِنَّا دَاخِلُونَ ﴿٢٢﴾

beytulmaqdis bulchuu dhageenyan,wanni isaan nabi muusa'aan je'an; waan  
jarri sun biyya san jiruun biyya san hin seenuu, ammoo yoo irraa bayan, nuti  
gaafas warra seenu je'an.



\*Duuba jarri lamaan dubbii Rabbii di duu sodaatu, kanneen Rabbiin humna warra be-  
ytul maqdis bulchurraa argan , orma yahu-  
uda'atti himu'urraa isaan tiysee, isaan qana-  
niise, wanni orma yahuuda'aa kan jara san  
sodaatee biyya san seenuu dideen je'an,

\*Hin sodaatina'aa itti seenaa, hulaa yookaa  
balbala ganda saniitin itti seenaa,

\*Yoonif akkasitti itti seentan isintu orma san  
injifataa,

23} \*Rabbitti irkadhaa yoo kan dhuga'aan  
isatti amantan taatan.

\*Jennaanin ormi yahuuda'aa sun warra go-  
rsan dhageenyee , kan Rabbittin irkannee  
,ammallee isaan warra jeynummaan qabnee  
kan nama sodaatuu wanni isaan nabi muu-  
sa'aan je'an; yaa muusaa waan jarri sun bi-  
yya san keessa jiruun biyya san nuti hin see-  
nnuu,

\*Deema'aa siifii Rabbiin kee orma saniin  
lola'aa cabsaa,

24} \*Nutu lolan seennu, asuma teenya.

\*Duuba nabi muusan ummanni isaa sun

dubbii isaa hin dhagayanii hubannaan akki je'ee; Rabbi khadhate, yaa Rabbi an  
lubbuu tiyyaafii, lubbuu obboleessa kiyyaa malee, nama biraa ajajuu hin dand-  
ayuu, akka dubbii tee dhagayan isaan godhuu hin dandayuu,

25} \*Nuufii warra karaa keetirraa baye san  
addaan baasi je'e.

\*Akkanatti nabi Muusan Rabbi khadha

nnaan Rabbiin akki je'een: yaa musaa ummanni kee kun, beytal maqdis see-  
nanii ,achitti qanani'urraa hanga amata afurtamaa hoongayanii beekhi, odoo  
akuma maraan, seenuu barbaadanii, seenuu hin dandayan, sababaa isaan lola  
sodaataniif jecha

\*Isaan diida gammoojji'ii siinaa keessa bara  
afurtamman san dhama'anii naannawa'aa  
jiraatu'uu taa'anii,

26} \*Warra karaa Rabbirraa bayeef hin

قَالَ رَجُلَانِ مِنَ الَّذِينَ يَخَافُونَ أَنَّ اللَّهَ  
عَلَيْهِمَا

أَدْخُلُوا عَلَيْهِمُ الْبَابَ

فَإِذَا دَخَلْتُمُوهُ فَإِنتَهُمُ عَلَيْكُمْ

وَعَلَى اللَّهِ فَتَوَكَّلُوا إِن كُنتُمْ مُؤْمِنِينَ ﴿٢٣﴾

قَالُوا يَمُوسَى إِنَّا لَن نَدْخُلُهَا أَبَدًا مَا دَامُوا فِيهَا

فَاذْهَبْ أَنْتَ وَرَبُّكَ فَقَتِلَا

إِنَّا هُنَا قَاعِدُونَ ﴿٢٤﴾

قَالَ رَبِّ إِنِّي لَا أَمْلِكُ إِلَّا نَفْسِي وَأَخِي

فَأَفَرَّقْ بَيْنَنَا وَبَيْنَ الْقَوْمِ الْفَاسِقِينَ ﴿٢٥﴾

قَالَ فَإِنَّهَا مُحَرَّمَةٌ عَلَيْهِمْ أَرْبَعِينَ سَنَةً

يَتِيهُونَ فِي الْأَرْضِ

فَلَا تَأْسَ عَلَى الْقَوْمِ الْفَاسِقِينَ ﴿٢٦﴾

rifatin dhama'iinsi isaan, sababaa dubbii Rabbii dhagayuu didaniif dhama'an sin yaachisin duuba eega Rabbiin dhama'iinsa isaanitti muree, beytal maqdis seenu'uu ka'aniiti, haa tayuu dadhaban, maalif ganama yoo deeminsaa ka'an, yookaa amna jalqaban, deema'aa oolaniiti bakka amna irraa jalqabanitti galgala deebi'an, galgala yoo ka'anis bakkarra ka'anitti deema'aa bulanii deebi'an, akkasitti ormi yahuuda'aa karaa gabaabaa yaroo xiqqoo keessatti silaa fixan, yookaa dabran amata afurtamitti fixuu dadhaban, hanga isaanirraa namni daaddan, yookaa barri isaa bara diiddamii olii hundi dhumetti, amata afurtaman san keessatti, heddomminni nama nabi muusa'aan wajji jiruu kum dhibba jaha ni gaya, nabi muusan akkasuma obboleessi isaa nabi haaruun, diida ormi yahuuda'aa keessatti dhama'etti du'e ,nabi muusan hoggaa du'aa ka'u, yaa Rabbi hanga dhagaa darban takka gara beytul maqdis na dhiyeessi je'eti Rabbi khadhatee, duuba Rabbiin isa dhiyeyse ,nabi muusan achitti du'uun isaaf rahgmataa, yahuuda'aaf qixaaxa, duuba eega barri afurtamman sun dhume, Rabbiin nabiyyicha tokko kan {yuushakg} je'amu isaanii ergee ,orma yahuudan sodattee, amata afurtama dhamaate sanitti duuli je'eenii, nama yahuudi'ii hanga hafeen wajji itti duulee cabse, guyyaan sun guyyaa jum'ataatii,odoo lollin dhumin aduun lixu'uu kaanan, Rabbiin hanga saa'aa takkaa aduu dhaabef, hanga inni orma san cabsuu, wanni waan yahuudan nabi muusa'aan wajji dalayderraa fudhannu: ummanni du'aan dhiira, matoota ifii hamilee keessatti cabsee, waan deemaniif isaan hanqisee, ifillee rakkisee, balaa keessa if buusa akka yahuudan biyya qananii itti argatan, tan mataan isaanii seenaa je'een, diddee rakkoo keessa if buuftetti.

\*Yaa ergamaa kiyya Mahammad oduu

﴿وَأَتْلُ عَلَيْهِمْ نَبَأَ ابْنَيْ آدَمَ بِالْحَقِّ﴾

ilmaan aadam lamaan kan {haabiilifii} {qaabiil} je'aman ummata keetif odeessi, yookaa irratti qara'i, waan ilmaan aadam lamaan jiddu'utti argame dhuga'aan odeessi, akka gorsa irraa fudhatan Wanni odeeffame jaartin nabi aadam {hawwaan} lakkuu dhaluu turte garaa tokko keessatti dhiiraa dhalaa,duuba waan isaan malee namni biraa addunyaa keessa hin jirreef, nabi aadam ilmaan isaa walitti heerumsiisuu ture, haa tayuu gurbaadhafii intalti wajji dhalatan walin fuudhanii,gurbaan lakkuu tanaa intalaa lakkuu taaniti fuudha,tanaaf jecha nabi aadam, intala ilma isaa haabiilin wajji dhalatte,ilma isaa qaabiilitti fuudhee ,tan qaabiilin wajji dhalatte haabiilitti fuudhuu fedhe, akki kun shari'aa aadami, haa tayuu ilmi isaa qaabiil waan intalti isaan wajji dhalatte tan haabiilitti heerumsiisuu fedhan, bareedduu taatef, waan tan haabiilin wajji dhalatte tan qaabiilitti heerumsiisuu fedhan hin bareennef jecha, qaabiil intala isaan wajji dhalatte, bareedduu san, obboleessa isaa haabiilif quudhuu dadhabee, ifumaa isii fuudhuu fedhee, inumaa abbaa isaa aadam hamate, haabiil jaalalaafi intala bareedduu naan wajji dhalatte kennu'uufii deema je'ee, hoggaa san nabi aadam ilmaan isaa qaabiilifii haabiil yaamee, intala wajji dhalatan fuudhuu

dhabuun waan Rabbiin itti na ajajee inni karaa Rabbiitii, nama karaa isarra jiruutu intala bareedduu tana fuudhaa, akka nama karaa isarra jiru hubattan, isin lachuu, wareega yookaa qodhaa, Rabbiif dhiyeysaa, nama Rabbiin irraa qeebaleetu intala tana fuudhaa je'een .

\*Hoggaa san isaan lachuu wareega dhiye-  
ysan, haabiil hoolaa dhiyeeyse ammoo qaa-  
biil ooyruu Rabbiif qodhee dhiyeeyse,

إِذْ قَرَّبْنَا قُرْبَانَآ

\*Duuba tokkoo isaan lamaanirraa qodhaan

فَنُقِئِلَ مِنْ أَحَدِهِمَا

qeebalame, namni irraa qeebalame haabiili, kan ibiddi sami'ii bu'e wareega san nyaate maalif zamana dur, milkkanni Rabbiin waa namaraa qeebalu'uu ibiddi dhufee waan san gubu'.

\*Ammoo ilma aadam kaanirraa qodhaan

وَلَمْ يُنْقَبَلْ مِنَ الْآخِرِ

isaa hin qeebalamne, kan irraa hin qeebalamin qaabiili, ooyruu inni Rabbiif qodhe ibiddi dhufee hin gubne, duuba qaabiil obboleessa isaa haabiilin, akkamitti Rabbiin sirraa qeebalee, narraa qeebaluu oole, akkamitti ati intala san argattee an dhaba je'ee, itti dallanee,

\*Sin ajjeesa je'een, jennaan haabiil maalif na ajjeesta? maalif sirraa balleessa je'een, jennaanin Rabbiitu qodhaa kee sirraa qeebalee tanaafin si ajjeesaa je'een,

قَالَ لَأَقْتُلَنَّكَ

27} \*Jennaan haabiil akki je'een Rabbiin

قَالَ إِنَّمَا يَتَقَبَّلُ اللَّهُ مِنَ الْمُتَّقِينَ ﴿٢٧﴾

nama isa jaalatu, kan karaa isarra jiru, kan isaa je'ee waan hamtuu dhiisurraa qeebalaa, yoo sirraa qeebaluu baate siitu sababaa ifitti tayee, maalif na ajjeesta je'een.

\*Ammas haabiil akki je'een yaa obboleessa kiyya, yoo ati na ajjeesu'uuf harka natti laatte,

لِيَنْبَسُطَ إِلَيْكَ يَدَايَ لِيَقْتُلَنِي

\*An si ajjeesu'uuf harka sitti hin laadhu

مَا أَنَا بِبَاسٍ بِيَدَيْكَ لَأَقْتُلَنَّكَ

28} \*Maalif an odo'on humna sirra qabaadhelle'ee Rabbii waa hunda uumen soda-dhaa, sin ajjeesu.

إِنِّي أَخَافُ اللَّهَ رَبَّ الْعَالَمِينَ ﴿٢٨﴾

\*An waanin fedhu akka ati cubbuu yookaa

إِنِّي أُرِيدُ أَنْ تَبْوَأَيَايَ وَإِيَّامِكَ

dilii na ajjeesu'uutifii, dilii tee, tan tanaan dura dalayde, walitti qabatee deebitun fedha, {tabuu'a} jechuun: deebitu yookaa khasaara'aan galattu jechu',

\*Duuba sababaa saniin warra azaabarraa taata, an ammoo si ajjeesee warra ibiddaa

فَتَكُونُ مِنَ أَصْحَابِ النَّارِ

tayuu, hin fedhu,

29} \*Ibiddatti gubatuun sun,qixaaxa warra cubbuu dalageetii je'een.

وَذَلِكَ جَزَاءُ الظَّالِمِينَ ﴿٢٩﴾

\*Duuba {qaabiil} nabseen isaa obboleesa

فَطَوَّعَتْ لَهُ، نَفْسُهُ، قَتْلَ أَخِيهِ فَقَتَلَهُ.

isaa {haabiil} ajjeesu'utti isa kaaftee, waanyumma'aan ajjeese, bakkeen itti isa ajjeese biya {basraa} tan biyya {iraq} keessa jirtu,gariin akki je'u bakkeen itti ajjeese bakka {atabatuharraa'} je'antu,

30} \*Duuba qaabiil obboleessa isaa haabiil

فَأَصْبَحَ مِنَ الخَاسِرِينَ ﴿٣٠﴾

biil ajjeessu'uun warra khasaaramerraa taye, takkaa warra baderraa taye duuba eega ajjeesee akka godhu wallaaleti, reeffa isaa duddarratti ba'atee, zamana hedduu olii gadiin deeme,maalif namni dura dursoo addunya'arratti ajjeefame ,yookaa du'e ilmaan namarraa haabiili, tanaaf reeffa isaa akka godhu wallaale, namni dura dursoo ajjeechaa karaa godhe qaabiili,tanaaf jecha inni dilii nama roorro'oon nama ajjeesuu hundarraa qooda qaba , hanga guyyaa qiyaama'atti.

\*Duuba qaabiilin reeffa obboleessa isaa bol-

فَبَعَثَ اللهُ غُرَابًا يَبْحَثُ فِي الْأَرْضِ

eessa isaa {haabiil} duddarratti ba'atee,olii gadiin deemu,wanni arge , harraagessa, Rabbiin kaasee, afaanifii miilan dachii qotee,eegasii boolla qotetti reeffa harraagessaa darbee,yookaa keessa kaayee ,eegasii biyyee itti deebisu arge , wanni Rabbiin harraagessa kaasee akkas dalaysiisef,

\*{Qaabiil} akka itti obboleessa isaa haa

لِيُرِيَهُ، كَيْفَ يُؤَرِّى سَوْءَ أَخِيهِ

leessa isaa haabiil awwaalu agarsiisu'uufi, {yuwaarii} jechuun: dhoysu jechu', {sawa'aata} jechuun:waan namni irraa saalfatu,haa tayuu asitti wanni itti fedhame reeffa,

\*Qaabiil harraagessa akkas dalagu garraan, wanni je`e yaa badii tiyya akka harraagessa kanaa tayuu dadhabeetan, reeffa obboleessa kiyyaa awaalu oolee je'e,

قَالَ يَوْمَئِذٍ أَعْجَزْتُ أَنْ أَكُونَ مِثْلَ هَذَا

الْغُرَابِ فَأُؤَرِّى سَوْءَ أَخِي

31} \*Akkamittan wallaalee reeffa isaa ba'at-u'uun if ajjeese je'ee sheenayee, duuba qabrii qotee awwaale. hangana

فَأَصْبَحَ مِنَ النَّادِمِينَ ﴿٣١﴾

\*Waan {qaabiil} {haabiil} ajjeesef jecha

مِنْ أَجْلِ ذَلِكَ

\*Ilmaan israa'iilirratti faradne,takkaayuu he- era goone,

كَتَبْنَا عَلَى بَنِي إِسْرَائِيلَ

\*Heerri sun akki je'u: namni nama lubbuu biraa haqaan male'ettin ajjeesin, ajjeese

أَنَّهُ، مَنْ قَتَلَ نَفْسًا بِغَيْرِ نَفْسٍ

\*Takkaa namni,nama hamtuu dalagu'uun dachii hin balleessin ajjeese,namni nama haqaan male'etti ajjeese,

أَوْ فَسَادٍ فِي الْأَرْضِ

\*Akka waan nama hunda ajjeeseti,

فَكَأَنَّمَا قَتَلَ النَّاسَ جَمِيعًا

\*Ammoo namni nama haqaan male'etti ajjeesuu dhiise, kan nyaachisee obaase,

وَمَنْ أَحْيَاهَا

\*Akkuma waan nama hunda jiraachiseeti,

فَكَأَنَّمَا أَحْيَا النَّاسَ جَمِيعًا

\*Dhugumaan orma yahuuda'atti ergamoonni keenya mukgjizaa, yookaa ragaa karaa haqaa heddu'uun dhufanii, karaa haqaa isaan garsiisan,

وَلَقَدْ جَاءَتْهُمْ رُسُلُنَا بِالْبَيِّنَاتِ

32} \*Duuba ormi yahuuda'aa irra hedduun isaanii eeguma akkasitti karaa haqaa arganiiyi wasanaa bayanii jallatanii dachii balleessan Rabbitti kafaru'uufii haqaan male'etti nama ajjeesu'uun, ammallee namatti roorrisu'uun.

ثُمَّ إِنَّ كَثِيرًا مِّنْهُمْ بَعْدَ ذَلِكَ فِي الْأَرْضِ

لَمُسْرِفُونَ ﴿٣٢﴾

\*Jazaan warra Rabbiifii rasuula isattin loluu ,qixaan'i isaanii,Rabbiifii rasuula isaatin loluun orma islaamatiin lolu',

إِنَّمَا جَزَاءُ الَّذِينَ يُحَارِبُونَ اللَّهَ وَرَسُولَهُ

\*Ammallee qixaan'i warra dachii balleessu'uu deemuu shiftaa tayanii karaa muruu fa'aan,

وَيَسْعَوْنَ فِي الْأَرْضِ فَسَادًا

\*Qixaan'i shiftaa karaa muree ,yoo nama ajjeese ajjeefamu', ajjeechaa irraa hafiinsi hin jirre,

أَنْ يُقْتَلُوا

\*Takkaa qixaan' isaanii ajjeefamanii eegasii rarraafamu'u, yoo nama karaa deemu ajjeesanii horii irraa fudhatan,

أَوْ يُصَلَّبُوا

\*Takkaa qixaan'i isaanii harkaafii miilli isaanii wal dhabatti mummuramu', harka mirgaatifii miila bita'aa hoggaa takkatti muru', yoo ormi sun nama karaa deemurraa horuma qofa fudhatan kan lubbuu isaanii hin ajjeesin

أَوْ تَقَطَّعَ أَيْدِيهِمْ وَأَرْجُلُهُمْ مِّنْ خَلْفٍ

\*Takkaa qixaan'i isaanii biyya itti shiftaa

أَوْ يُنْفَوْا مِنَ الْأَرْضِ

tayan sanii isaan fageessu',islaamni wanni dhufeef; horii namaa tiysu'uufi, lubbuu namaa gurra namaa,karaa namaa tiysu'uufi, duuba namni tokko yoo ka'ee

shiftaa taye, karaa muree, deemuu nama dhoowwe, qixaan'i isaa akka as de-  
emu kana: yoo nama ajjeese, ajjeefamu', yoo nama ajjeese horii maallaqa dii-  
naara je'amu harka afuriraa harka tokkotti qixxaayu fudhate; ajjeefamee eeg-  
asii hanga guyyaa sadiyii rarraafamu', yoommoo horii qofa namarraa fudhate  
harki mirgaatifii, miilli bita'aa muramu', yoommoo nama sodaachisuu malee  
waa takka naman godhin, qixaan'i isaa biyya itti shiftaa taye sanii fuudhanii  
biyya biratti isa dhidhimsu', yookaa fageessu', hidhu',

\*Shiftaa akkatti qixaaxun addunya'arratti  
isaan xiqqeessu', yookaa qaanessu',

ذَلِكَ لَهُمْ خِزْيٌ فِي الدُّنْيَا

33} \*Ammas aakhira'atti azaaba gudda'aatu  
isaanif qophaaye, sun ibiddatti gubatu'

وَلَهُمْ فِي الآخِرَةِ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿٣٣﴾

\*Warra shifta'aa kanneen odoo isin hin qa-  
qqabin ifumaa harka if kennan malee, isaan  
waan Rabbiitif qixaaxamuun isaanirraa kufa

إِلَّا الَّذِينَ تَابُوا مِنْ قَبْلِ أَنْ تَقْدَرُوا عَلَيْهِمْ

34} \*Rabbiin kan namaaf araaramuu bee-

فَاعْلَمُوا أَنَّ اللَّهَ عَفُوٌّ رَحِيمٌ ﴿٣٤﴾

kaa, inni kan namaaf rahgmata godhu beekaa, tanaaf jecha nama gara isaa  
deebi'eef waan isatti balleeyse araarama, namni shiftumma'arraa deebi'e, haqa  
Rabbiitif hin qabamu, kan akka ajjeechan giddii tayu'uu, akka harkaafii miilli  
hoggaa takkatti muramu'uu, ammoo hayn'i namaa shiftaa harka kennerraa hin  
kufu, tanaaf jecha, yoo shiftaan horii namaa saamee, eegasii harka kenne horii  
san deebisuun isarratti jira .

\*Yaa warra Rabbitti amane Rabbi soda-  
dhaa , waan inni itti isin yaame dalaydani  
, waan inni irraa isin dhoowwerraa dhow-  
wamu'uun,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا اتَّقُوا اللَّهَ

\*Waan Rabbitti isin dhiyeeyisu barbaad

وَابْتَغُوا إِلَيْهِ الْوَسِيلَةَ

adhaa, sadaqaa kennatuu tayuu ,ibaadaa biraa tayuu tan akka qur'aana qara'uu,  
salawaata nabi Muhammadirraatti buusu'uu, salaatanii, soomanu'uu, zakaabaa-  
fatu'uu, zikrii Rabbii heddommeysu'uu,

\*Diinaa Rabbii ol qabu'uu jecha , karaa isaa

وَجَاهِدُوا فِي سَبِيلِهِ

keessatti qabsoo godhaa, wanni qabsoo isaan godhan lama; tokko xilaata biy-  
ya teetii, kan nama keetii horii keetii qabsoo gootee ifirraa kaasu', qabsoon la-  
mmeysa'aa lubbuu teetin wajji qabsoo godhu', qabsoon lubbu'uun wajji go-  
dhan , qabsoo xilaata wajji godhanirra jabdu', maalif lubbuun waan ijaan hin  
agarre, xilaata ijaan arganiin lolu'uutu kan ijaan hin agarrerra laafa, ammas xil-  
aanni yoo si ajjeese jannata seenta, ammoo nabseen tee yoo si injifattee si ajje-  
efte azaaba seenta, ammas lolli xilaataa ni dhumaa, kan nabse'ee hin dhumu,  
maalif lubbuun waan Rabbiin itti ajaju ni diddi, ammoo mu'minni itti isii gid-

du'uuf qabsoo godha, akkanatti mu'minaafii nabseen isaa yaroo mara wal qabso'otti jiran,

**35}** \*Wanni qabsoo gootaniif akka waa hunda keessatti milkoytani'iifi, akka jannata addunya'aa aakhira'aa argattaniifi.

لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ ﴿٣٥﴾

\*Warri Rabbitti kafare, kan sababaa saniin azaaba haqa sababaa saniin azaaba haqa godhate, odoo horii addunya'aa tana hunda guutu qabaatanii,

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا لَوَأَتْ لَهُمْ مَا فِي الْأَرْضِ جَمِيعًا

\*Ammas waan hangas gayu wajji qabaatanii,

وَمِثْلَهُ مَعَهُ

\*Horii san kennanii azaaba guyyaa qiyaama'aa jalaa bayuu barbaadu'uu jecha,

لِيَقْتَدُوا بِهِ مِنْ عَذَابِ يَوْمِ الْقِيَامَةِ

\*Isaanirraa hin qeebalamu, azaaba jalaa hin baayan,

مَا نَقِيلَ مِنْهُمْ

**36}** \*Azaaba isaan laalessuutu isaanif qophaaye.

وَهُمْ عَذَابُ الْآلِيمِ ﴿٣٦﴾

\*Jarri ibidda seene sun, ibidda sanirraa bayuu fedhan

يُرِيدُونَ أَنْ يُخْرِجُوا مِنَ النَّارِ

\*Isaan ibidda sanirraa hin bayan,

وَمَا هُمْ بِخَارِجِينَ مِنْهَا

**37}** \*Isaanif ibidda zalaalamii keessa ta'antu jira.

وَلَهُمْ عَذَابٌ مُّقِيمٌ ﴿٣٧﴾

\*Isa waa hatuufii, isii waa hattu,

وَالسَّارِقُ وَالسَّارِقَةُ

\*Harka isaan lamaanii irraa muraa,

فَأَقْطَعُ أَيْدِيَهُمَا

\*Jazaa waan isaan lamaan dalaganiitif

جَزَاءً لِمَا كَسَبَا نَكَالًا مِنَ اللَّهِ

jecha , hanna duraa keessatti harka mirgaa, lammada yoo hate miila bita'aa ,sa-deessaa harka bita'aa afreessaa miila mirgaa muraa, {nakaalan} jechuun: qix-aaxa jechu,

**38}** \*Rabbiin kan waa hunda da injifatu, kan wanni isa injifatu hin jirre, kan waan malu, yookaa faaydaa qabu dalagu.

وَاللَّهُ عَزِيزٌ حَكِيمٌ ﴿٣٨﴾

\*Namni eega waa balleessee towbate, kan eega waa hatee hanna dhiise, takkaa eega shiftaa tayuu turee, shiftaa tayuu dhiisee, gara Rabbii deebi'e,

مَنْ تَابَ مِنْ بَعْدِ ظُلْمِهِ

\*Kan waan balleesse tolche waan namarraa

وَأَصْلَحَ

hate namaa deebisu'uun, takkaa nama araa-  
rfatu'uun,

\*Rabbiin isaaf araarama,

فَاتِ اللَّهُ يَتُوبُ عَلَيْهِ

39} \*Rabbiin kan nama balleysaa dhiisee  
itti dheysef araaramu, kan isa qixaaxuu dhii-  
su'uun rahgmata isaaf godhu.

إِنَّ اللَّهَ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿٣٩﴾

\*Si akka Rabbiin kan sami'ii dachii uumee  
qabu taye, hin beynee?

أَلَمْ تَعْلَمْ أَنَّ اللَّهَ لَهُ مُلْكُ السَّمَاوَاتِ

وَالْأَرْضِ

\*Kan nama fedhe balleysaa isarratti isa  
qixaaxee nama fedheef araaramu,

يُعَذِّبُ مَنْ يَشَاءُ وَيَغْفِرُ لِمَنْ يَشَاءُ

40} \*Rabbiin waa hundarratti dandaya', wa-  
an inni dandayurraa nama isa morome  
qixaaxu'.

وَاللَّهُ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٤٠﴾

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad warri  
daddafee kurii keessa bu`u sin yaachisin na  
miidhan jettee hin sodaatin, naatu siif jiraa,

﴿ يَا أَيُّهَا الرَّسُولُ لَا يَحْزَنْكَ الَّذِينَ

يُسْكِرُونَ فِي الْكَفْرِ

\*Warri kufrii keessa bu'u sun, warra afa-  
anin amanne je'u, kan garaan isaanii hin  
amanin, isaan orma munaafiqaatii

مِنَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّا بِأَنفُسِنَا أَغْوَيْنَاهُمْ وَلَمْ نَكُنْ

مِنَ الْغَايِبِينَ

\*Ammas warra yahuuda'arraa warra kijiba  
qeebaluutu jira, warra kijiba, kabiirotiin isa-  
anii ,Rabbiitu je'e jettee itti, odeessitu dhugo-

وَمِنَ الَّذِينَ هَادُوا سَمَّعُونَ

لِلْكَذِبِ

'oomsutu jira, takkaa makgnaan isaa orma yahuuda'arraa warra waan sirraa  
dhagayetti, waa ida'ee kijiba sirraa odeessu'uu jecha si dhaggeeffatuutu jira,

\*Warra orma sittin dhufiniif dubbii geess-

سَمَّعُونَ لِقَوْمٍ آخَرِينَ لَمْ يَأْتُوكَ

u'uu jecha, waan ati jettu dhaggeeffatuutu jira, maalif wanni dubbiiin tun irraa  
kaate yahuuda'arraa, namni jabaan tokko intala yahuuda'aa takkatti gumnum-  
maa dalage, kan inni saniin dura fuudhee jiru, kan isiinis heerumtee jirtu, nama  
akkanaa qixaaxn'i isaa, kitaaba isaanii, towraat keessatti, dhaga'aan tumamee  
ajjeefamu', haa tayuu yahuudan jara san lamaan ajjeesun itti ulfaatte akka to-  
wraat je'utti, tanaaf jecha firdii yookaa yakka ajjeecha'aa gadii, nabi Muha-  
mmad biraa barbaadu'uu jecha, ergaa nabi Muhammaditti ergan,

\*Waan towraat keessa jiru akka Rabbiin itti  
buuserraa jirjiiru'uu jecha akka qixaaxa ajje-  
echa'aa garafi'itti deeffataniif jecha, nabitti  
ergan,

يُحَرِّفُونَ الْكَلِمَ مِنْ بَعْدِ مَوَاضِعِهِ



\*Ormi yahuuda'aa jara nabi Muhammaditti erganiin akki je'an; yoo nabi Muhammad hin ajjeessina'aa garafaa je'ee, firdii isinii godhe , yookaa isinii farade, dubbii isaa qeebalaa,

يَقُولُونَ إِنْ أُوتِيتُمْ هَذَا فَخُذُوهُ

\*Ammoo yoo akkana isinii faraduu baatee ,akkuma towraat keessa jirutti ajjeessaa je'ee farade, dubbii isaa hin dhugo'oomsinaa je'aaniin, duuba Rabbiin akki je'e,

وَإِنْ لَمْ تَوْتَوْهُ فَأَحْذَرُوا

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad nama Rabbiin jallina isaa fedhe,

وَمَنْ يُرِدِ اللَّهُ فِتْنَتَهُ

\*Waan Rabbiin itti fedhe irraa deebisuu hin dandeessu,

فَلَنْ تَمْلِكَ لَهُ مِنْ اللَّهِ شَيْئًا

\*Jarri sun, warra Rabbiin qalbii isaanii xahaarsuu hin fedhini, jarri munaafiqaa kan afaanin amane, kan qalbi'iin hin amaniniifii, ormi yahuuda'aa kan dubbii Rabbii jirjiiruu barbaadu, kan dubbii tee didu, warra Rabbiin qalbiin isaanii qulqulleysuu hin fedhini waan isaan kufrummaa maraxataniif jecha,

أُولَئِكَ الَّذِينَ لَمْ يُرِدِ اللَّهُ أَنْ يَطَهِّرْ

قُلُوبَهُمْ

\*Jara saniif addunya'arratti xiqqeenyatu

لَهُمْ فِي الدُّنْيَا حِزْبٌ

jira, maalif warra munaafiqaa kan afaanin islaamummaa mul'isee, kufrii gara'atti dhoyfate san, Rabbiin aayata buusee dirree isaan baasee isaan qaanessu'uu taa'a, ammoo orma yahuuda'aa du'a, takkaa gabbara isaanirraa kaayu'uuf taa'a,

41} \*Ammas jara san aakhira'atti qixaaxa gudda'aatu isaanif jira, sun ibidda azaabaa keessatti zalaalamii gubatu'.

وَلَهُمْ فِي الْآخِرَةِ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿٤١﴾

\*Ormi yahuuda'aa sun kijiba kabiironni isaanii itti odeessu dhagayanii qeebalan,

سَمِعُوا لِلْكَذِبِ

\*Isaan warra haraam nyaatu warra gubboo

أَكْتَلُونَ لِلْسُّحْتِ

nyaatu, kan Rabbiin irraa isaan dhoowwee jiru, gubboo nyaatun shari'aa hundatti dhoowwama', nabi Muhammad akki je'e; {namni gubboo nyaatefii kan kenne, kan itti qajeelche, hundinuu cubbuu dalage} je'an,

\*Yaa ergamaa kiyyaa Muhammad ormi yahuuda'aa yoo dubbii nu jiddu'utti laali je'anii sitti dhufan, jiddu'utti laalii muriif

فَإِنْ جَاءُوكَ فَأَحْكُم بَيْنَهُمْ

\*Takkaa jiddu'utti hin laalini dhiisi,

أَوْ أَعْرِضْ عَنْهُمْ

\*Yoo isaan jiddu'utti dubbii laaluu dhiiftee

وَإِنْ تَعْرِضْ عَنْهُمْ

irraa gara galte,

\*Waa takka si godhuu hin dandayan yookaa si miidhuu hin dandayan, Rabbiitu si eegaa,

\*Ammoo yoo isaan jiddu'utti dubbii laalte, haqaan akka Rabbi si agarsii setti muriif,

42} \*Rabbiin warra haqaan dubbii muru jaalataa.

\*Mee akkamitti ormi yahuuda'aa sun dubbii isaan jiddu'utti laaluu sirra barbaadan? odoo towraat isaan bira jiruu? kan itti amanne je'anii himatan, kan sittin amanin,

\*Kan towraat keessa firdiin waan isaan si

gaafatanii jirtu, firdiin sun, nama fuudhe kan eegasii gumnaa dalage, dhaga'aan tumanii ajjeesu', ormi yahuuda'aa firdii san jalaa bayu'uuf deeman malee haqa barbaadu'uufii miti,

\*Jarri yahuuda'aa sun, eega`ati haqaan dubbii murteeyi, waan ati murterraa deebi'an, kun waan akka isaan haqaan deemne agarsiisu

43} \*Jarri yahuuda'aa sun, warra amanee

miti , isaan warra Rabbittin amanini, warra towraatitti hin amanini, warra sittin amanini, silaa odoo amantii qabaatanii waan ati jettu qeebalan, waan towraat je'utti dalagan, odoo silaa Rabbi sodaatanii itti amananii, waan kana hunda hin dalagan, tanaaf jecha yahuudan iimaana hin qabdu.

\*Nabi muusa'arratti kitaaba towraat je'amu buufnee jirra, kan qajeellon isa keessa jirtu, kan ifaan karaa haqaa keessa jiru,

\*Kan anbiyoonni ilmaan israa'il warri Rabbiif if kenne, waan isa keessa jiruun firdii godhu, takkaayuu hukmii godhu,

\*Warra qajeelef,

\*Ammallee kan warri Rabbiif if kenne waan isa keessa jiruun firdii godhu , {Rabbaniyuun} jechuun; warra Rabbiif if kenne , kan addunyaa dhiisee gara Rabbi cite jechu',

\*Kan ammallee warri fiqhii beekhu, isaan firdii godhu,

فَكَانَ يَضْرُوكُ شَيْئًا

وَإِنْ حَكَمْتَ فَأَحْكُم بَيْنَهُم بِالْقِسْطِ

إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ الْمُقْسِطِينَ ﴿٤٢﴾

وَكَيْفَ يُحْكِمُونَكَ وَعِنْدَهُمُ التَّورَةُ

فِيهَا حُكْمُ اللَّهِ

ثُمَّ يَتَوَلَّوْنَ مِنْ بَعْدِ ذَلِكَ

وَمَا أَوْلِيكَ بِالْمُؤْمِنِينَ ﴿٤٣﴾

إِنَّا أَنْزَلْنَا التَّورَةَ فِيهَا هُدًى وَنُورٌ

يُحْكَمُ بِهَا النَّبِيُّونَ الَّذِينَ أَسْلَمُوا

لِلَّذِينَ هَادُوا

وَالرَّبَّانِيُونَ

وَالْأَحْبَارُ

\*Waan Rabbiin kitaaba isaa towraat isaan qabsiisee, tiyisiisee, baduu dhowwen firdii godhan,

بِمَا اسْتَحْفَظُوا مِنْ كِتَابِ اللَّهِ

\*Isaan akka to towraat haqaan bu'e ragaa tayanii jiran,

وَكَانُوا عَلَيْهِ شُهَدَاءَ

\*Yaa warra kitaaba waan kitaaba kees san keessa jiru, kan nabi Muhammad dubbatu mul'isuu keessatti nama hin sodaatinaa ,nama soda'aaf mul'isuu hin dhiisinaa jechu',

فَلَا تَخْشَوُا الْكَاسَ

\*Anuma sodaadhaa qixaaxan yoo waan towraat keessa jiru dhoysitan isin qixaaxu sodaadhaa,

وَآخِشُونَ

\*Aayata kiyyaan dunyaa xiqqoo tanaan hin

وَلَا تَشْتَرُوا بِآيَاتِي ثَمَنًا قَلِيلًا

jirjiirratinaa, waanin kitaaba keessan keessatti buuse,dhoysu'urratti gubboo hin nyaatinaa jechu', warri kana dalagu kabiirotii yahuuda'aati kanneen milikkata nabi Muhammad kan Rabbiin towraat keessatti buuse, ummata isaanirraa akka hin islaamoyne'eef jecha dhoysanii,dhoysuu sanirratti gubboo fudhatan

44} \*Namni waan Rabbiin buu sen firdii hin goone, isaan warra waan Rabbiin buusetti kafare.

وَمَنْ لَّمْ يَحْكَمْ بِمَا أَنْزَلَ اللَّهُ فَأُولَئِكَ هُمُ

الْكَافِرُونَ ﴿٤٤﴾

\*Towraat keessatti wanni orma yahuud-a'arra keenyee dalaga'arra oolchaa jenneenii , heera isaanii goone,

وَكُتِبْنَا عَلَيْهِمْ فِيهَا

\*Nabseen nabsee ajjeefte ni ajjeefamti,

أَنَّ النَّفْسَ بِالنَّفْسِ

\*Ijji ijaaf ni bayfamti,

وَالْعَيْنَ بِالْعَيْنِ

\*Funyaan funyaanif ni murama,

وَالْأَنْفَ بِالْأَنْفِ

\*Gurri gurraaf ni murama,

وَالْأُذُنَ بِالْأُذُنِ

\*Ilkeen ilke'eef ni buqqifamti,

وَالسِّنَّ بِالسِّنِّ

\*Madaan ni kafalamti,yoo akka inni madee-

وَالْجُرُوحَ قِصَاصًا

ssetti, madeessun kan mijjaayu taate, ni madeeffama, akka harka humnatti namarraa muru'uutii gaafana harki irraa murama, ammoo waan akka inni madeessetti madeessun hin mijjooyne, guma'aatu kennama,

\*Namni gumaa kanaan sadaqate ,akka Rabbii je'ee ,gumaa namaa dhiisu'uutii, takkaa namni nama ajjeesse,yoo akka ajjee-

فَمَنْ تَصَدَّقَ بِهِ

famu lubbuu isaa dhiyeeyisu'uun sadaqate,

\*Sun waan dilii isarra jirtu irraa dhiqu

فَهُوَ كَفَّارَةٌ لَّهُ

namni nama ajjeese, yoo na ajjeesaa je'ee ,if dhiyeeysee ajjeefame, sun waan cubbuu, yookaa dilii nama ajjeesu'uun seene irraa dhiqu,takkaa namni miidh-ame , yoo dhiiga isaa nama isa miidhef dhiise, takkaa aanan isaa dhiise sun waan sawaaba guddaa qabu, kan dilii isarraa haqu,

\*Namni waan Rabbiin buusen hin hakamin, yookaa firdii hin godhin,

وَمَنْ لَّمْ يَحْكَمْ بِمَا أَنْزَلَ اللَّهُ

45} \*Isaan warra if miidhe, waan sababaa isaan amrii Rabbii didaniif azaabni isaan eeggatuuf jecha.

فَأُولَئِكَ هُمُ الظَّالِمُونَ ﴿٤٥﴾

\*{Iisaa} ilma maryam, karaa anbiyoota isa dura dabreeti ergine {qaffaynaa} jechuun; deemsifne jechu',

وَقَفِينَا عَلَىٰ آثَرِهِمْ بِعِيسَى ابْنِ مَرْيَمَ

\*Kan towraat isa dura buufame dhugo'oomsu,

مُصَدِّقًا لِمَا بَيْنَ يَدَيْهِ مِنَ التَّوْرَةِ

\*Kan injiil yahuudaa karaa haqaa qajeelchu, kan shari'aa isaanii ibsu irratti buufne, yookaa kennineef,

وَأَنبَأْنَاهُ الْإِنجِيلَ فِيهِ هُدًى وَنُورٌ

\*Injiilii towraat isa dura jiru dhugo'oomsu, kan heera isa keessa jiru gaxxamu,

وَمُصَدِّقًا لِمَا بَيْنَ يَدَيْهِ مِنَ التَّوْرَةِ

46} \*Injiilii isa keessa qajeello'oofii, gorsi warra Rabbii sodaatuf jiru.

وَهُدًى وَمَوْعِظَةٌ لِّلْمُتَّقِينَ ﴿٤٦﴾

\*Warri injiil, haqa Rabbiin isa keessatti buusen haa firdii godhanii yookaa haa godhuu, waan isa keessa jiru akka hin dhoysine

وَلِيَحْكُمَ أَهْلَ الْإِنجِيلِ بِمَا أَنْزَلَ اللَّهُ فِيهِ

47} \*Namni waan Rabbiin buusen hin hakamne yookaa firdii hin goone, isaan warra karaa Rabbirraa baye.

وَمَنْ لَّمْ يَحْكَمْ بِمَا أَنْزَلَ اللَّهُ فَأُولَئِكَ هُمُ

الْفٰسِقُونَ ﴿٤٧﴾

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad dhugumaan qur'aana haqaan sirratti buufne, takkaayuu qur'aana haqaati sirratti buufne

وَأَنزَلْنَا إِلَيْكَ الْكِتَابَ بِالْحَقِّ

\*Kan kitaabban Rabbiin isa dura buuse

مُصَدِّقًا لِمَا بَيْنَ يَدَيْهِ مِنَ الْكِتَابِ

dhugo'oomsu, kan waan kitaabban sun itti yaaman gaxxamu sun tokkummaa Rabbii yaadu'uu, Rabbuma qofa ibaadu'uu, wanni Rabbiin anbiyaa ergee kitaaba irratti buusef tokkummaa Rabbiitifii ibaadaa isatti nama yaamu'uufi,

\*Qur'aana kitaabban isa dura jirurratti ragaa bayu, waan kitaabban sanirraa yahuuda'aafii

وَمُهَيِّمًا عَلَيْهِ

nasaaran akka Rabbiin buuseraa jirjiirtefii,  
waan isaan itti ida'an hunda mul'isee,

\*Yaa ergamaa kiyyaa Muhammad yahuu-  
da'aafii nasaaran,yoo dubbii nu jiddu'utti la-  
ali jecha'aaf, sirra wal fidan, waan Rabbiin  
sirratti buusen isaan jiddu'utti hukmii godhi,  
yookaa dubbii muri,

\*Haqa Rabbirraa sitti dhufe dhiiftee waa  
isaan jaalatan jala hin deemin,

\*Isin ummata anbiyoonni itti ergame hund-  
aafuu shari'aa ,yookaa diinaa irratti deeman,  
karaa qajeello'oo goonee jirra,

\*Rabbiin odoo fedhee hunda keessan um-  
mata tokko,kan shari'aa takkaati isin godha

\*Haa tayuu wanni Rabbiin ummata adda  
addaa isin godheef,waan isinii kenne kees-  
satti isin morkoru'uufi, kan isa dhagayuufii,  
kan hin dhageenye laalu'uu jecha ,

\*Waan gaarii dalagu'utti wal doggomaa,  
waan Rabbiin itti isin yaame dafa'aa dalagaa  
,odoo duutanii dalagaan waan gaari'ii isin  
hin dabarre,

\*Hundi keessan du'aan gara Rabbii dee-  
bitanii beekhaa

48} \*Duuba gaafas Rabbiin waan isin kees-  
satti wal dhabdan isiniif odeeysa adda isinii  
baasa, warra haqaa jannata seensisee, kaan  
azaaba naqee.

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad wanni  
kitaaba qur'aanaa sirratti buufnef, akka isa-  
an hukmii yookaa firdii gootu'uufii, warra  
wal dide jiddu'utti waan Rabbiin buusen  
firdii godhi,

\*Jallina isaanii, yookaa waan lubbuun isa-  
anii feetu jala hin deemin,

\*Akka waan garii Rabbiin sirratti buuseraa  
sin jallifne,akka waan garii shari'aa Rabbi-  
rraa sin dhiisisiifne ifirraa isaan eegi ,{yaft-  
inuuka}jechuun; si jallisan jechu',

\*Yoo waan qur'aanni je'u, kan ati firdii

فَأَحْكُم بَيْنَهُم بِمَا أَنْزَلَ اللَّهُ

وَلَا تَتَّبِعْ أَهْوَاءَهُمْ عَمَّا جَاءَكَ مِنَ الْحَقِّ

لِكُلِّ جَعَلْنَا مِنْكُمْ شِرْعَةً وَمِنْهَا جَا

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ لَجَعَلَكُمْ أُمَّةً وَاحِدَةً

وَلَكِنْ لِيَبْلُوَكُمْ فِي مَاءِ آتِنَاكُمْ

فَأَسْتَبِقُوا الْخَيْرَاتِ

إِلَى اللَّهِ مَرْجِعُكُمْ جَمِيعًا

فَيُنَبِّئُكُمْ بِمَا كُنتُمْ فِيهِ تَخْتَلِفُونَ ﴿٤٨﴾

وَأَنْ أَحْكُم بَيْنَهُمْ بِمَا أَنْزَلَ اللَّهُ

وَلَا تَتَّبِعْ أَهْوَاءَهُمْ

وَاحْذَرَهُمْ أَوْ يَفْتَنُواكَ عَنْ بَعْضِ مَا أَنْزَلَ اللَّهُ

إِلَيْكَ

فَإِنْ تَوَلَّوْا

gooten didan,

\*Rabbiin sababaa isaan dubbii tee didaniif qixaaxa addunya'aa aakhira'aatin isaan tu-quu fedhaa beekhi,

49} \*Irra hedduun ilmaan namaa karaa Rabbirra hin jiran, isaan warra karaa Rabbirraa baye jechu'.

\*Si isaan hukmii warra waan beyneti

barbaadani? warra gubboo fudhatee ,haqarraa jallatu,akkamitti san barbaadan eega Rabbiin dukkana wallaalarraa ifaa beekkomsatti isaan baasee, jallinarraa qajeelloo haqatti isaan geessee?,

50} \*Eenyu namni Rabbirra hukmii tolu

namni Rabbirra firdii tolu hin jiru jechu', warra Rabbi beekhu biratti, takkaayuu warri aylii qabu biratti namni Rabbirra firdii tolu hin jiru jechu', maalif isaatu nama uume, isaatu waan namaa tolu hunda beekha.

\*Yaa warra Rabbitti amane, yahuuda'aafii nasaaraa aanaa hin godhatinaa, ifirratti moosiftanii, isaanii tumsitanii,

\*Maalif kaafirri aanaa waliiti, akkuma mu'minni aanaa walii taye,

\*Namni isinirraa yahuuda'aafii nasaaraa aanaa godhatee, ifitti dhiyeeyse, inni isaaniraayi

51} \*Rabbiin warra kuffaara aanaa godhatu'uun if miidhe karaa haqaa hin qajeelchu.

\*Ormi dhukkubni munaafiqumma`aa garaa yookaa qalbii isaanii keessa jiru, kanneen kuffaara aanaa godhatu'uu ceyan, yookaa ori'an agarta, ifitti isaan dhiyeeysanii isaanii tumsu'uun,

\*Yoo maalif kuffaara jaalattanii ifitti

dhiyeeysanii, isaanif tumsitan je'aniin wanni isaan je'an, rakkoon nutti dhufuu sodaannaa, yoo ar'a nuti isaan hin gargaarin, gaafa rakkoon akka beelaa yookaa lolaa dhufte kuffaarri gaafas nun gargaaruu ni dhumnaa je'an, wanni ormi munaafiqaa kun yaadu islaamni hin jabaatuu ni capaa gaafas ormi kuffaaraa nuu hin nayu, amma isaan gargaarree harka isaan bira haa kaayannuu ifiin je'an, {daa'iratun} jechuun; haala hamaa kan akka beelaa faa,

فَاعَلِمَ أَنهَآ يُرِيدُ اللهُ أَن يُصِيبَهُمْ بِبَعْضِ ذُنُوبِهِمْ

وَإِن كَثِيرًا مِّنَ النَّاسِ لَفَاسِقُونَ ﴿٤٩﴾

أَفَحُكْمَ الْجَهَنَّمِ يَبْعُونَ

وَمَنْ أَحْسَنُ مِنَ اللهِ حُكْمًا لِّقَوْمٍ يُوقِنُونَ ﴿٥٠﴾

يَأَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا لَا تَتَّخِذُوا الْيَهُودَ وَالنَّصَارَىٰ أَوْلِيَاءَ

بَعْضُهُمْ أَوْلِيَاءُ بَعْضٍ

وَمَن يَتَوَلَّهُمْ مِنكُمْ فَإِنَّهُ مِنَهُمْ

إِنَّ اللهَ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الظَّالِمِينَ ﴿٥١﴾

فَتَرَى الَّذِينَ فِي قُلُوبِهِمْ مَّرَضٌ يُسْرِعُونَ فِيهِمْ

يَقُولُونَ نَحْشَىٰ أَن تُصِيبَنَا دَآئِرَةٌ

\*Duuba Rabbiin akki je'e; dubbiin akka ormi munaafiqaa yaaduu mitii, Rabbiin nabi Muhammad gargaaree, kuffaara injifatee, diinan isaa mul'atuu hin oolu je'e,

فَعَسَى اللَّهُ أَنْ يَأْتِيَ بِالْفَتْحِ

\*Takkaa ajaja nabi Muhammaditti fidee orma munaafiqaa xiqqeessuu hin oolu, dirree isaan baasee isaan qaannessee, yookaa harka mu'minaatin isaan ajjeesee,

أَوْ أَمْرٍ مِنْ عِنْدِهِ

52} \*Duuba gaafas waan yaadan sanerratti sheenayu'uu jiraatan ,maalif akkas dalayne je'anii, maalif islaamarratti kuffaaraa tumsine je'anii

فَيُضَيِّحُوا عَلَى مَا أَسْرُوا فِي أَنْفُسِهِمْ تَدْمِينًا

\*Warri amane hoggaa munaafiqaa waan yaade dhabee xiqqaate argan wanni waliin je'an

وَيَقُولُ الَّذِينَ آمَنُوا

\*Si jaruma kanaa kan nuti diinaa keessatti isiniin wajji jirra je'ee isiniif khakhate ? khakhuu jabduu Rabbiin isiniif khakhatan, kan amma Rabbiin dirree isaan baasee akka isaan nu wajji hin jirre, akka isaan kuffaara tayan mul'ise,

أَهْوَاءَ الَّذِينَ أَقْسَمُوا بِاللَّهِ جَهْدَ أَيْمَانِهِمْ إِيَّاهُمْ  
لَعَنَكُمْ

53} \*Rabbiin akki je'e; dalagaan orma mu-

حَاطَتِ أَعْمَالُهُمْ فَأَصْبَحُوا خَاسِرِينَ

naafiqaa tan isaan haa islaama nuun je'ani'iif dalagan hundinuu duraa baddee, isaan warra khasaarama,kan waan qaban hundarraa deegan. Addunyaa keessatti qaanayu'uun, aakhira'atti azaaba seenu'uun.

يَأْتِيهَا الَّذِينَ آمَنُوا مِنْ تَرَدِّدِكُمْ عَنْ دِينِهِمْ

\*Yaa warra Rabbitti amane, namni isinirraa diinaa isaa dhiisee kafare,

فَسَوْفَ يَأْتِي اللَّهُ بِقَوْمٍ يُحِبُّهُمْ وَيُحِبُّونَهُ

\*Rabbiin bakka isaa,bakka nama kafaree orma biraa fidu'uu taa'a, orma Rabbiin isaan jaalatu, kan isaanis Rabbii isaanii jaalatan, kan diinaa isaa qabataniin irratti du'an,

أَذَلَّةٍ عَلَى الْمُؤْمِنِينَ

\*Jara orma mu'minaatif garaa laafu, kan mu'minaaf rahgmata godhu,

أَعَزَّةٍ عَلَى الْكَافِرِينَ

\*Jara orma kaafiratti garaa jabaatu, kan rahgmata isaanif hin goone,

يُجَاهِدُونَ فِي سَبِيلِ اللَّهِ

\*Warra karaa Rabbii keessatti qabsoo godhu, diinaa isaa mil'isu'uu jecha,

وَلَا يَخَافُونَ لَوْمَةَ لَائِمٍ

\*Jara waan Rabbiif dalagu keessatti abalu-

utu waa nuun je'aa hin sodaanne akka orma munaafiqatti, ormi munaafiqaa yoo lola seene, orma kuffaaraa keessaa gosa qabaa yookaa jaala qabaa, maalif orma islaamaa wajji nuun lolta naan je'anii je'eeti, qalbii takkaan loluu dhiisa, ammoo ormi islaamaa kan munaafiqaa hin tayin hoggaa lola seene, odoo kuffaara keessa abbaan isaatuu jiraatee, abaluutu waa naan je'a jechaan garaa isaanii keessa hin yaatu, Rabbumaa jecha nama karaa haqarraa baye dura dhaabbatan, odoo abbaa isaanituu taye,

\*Haalli mu'minaa kun kennaa Rabbiiti, qananiis isaati, kan nama fedheen qananiisu, yookaa nama fedhuu kennu,

54} \*Rabbiin kan kennaan isaa bal'oodhati, kan nama kennaa isaa haqa godhatu beekhu.

\*Yaa warra islaamaa aanan keessan Rabbiifii rasuula isaa Muhammadiifii, warra dhugaadhan amane,

\*Warri amane kan salaata salaatu,

\*Warra zakaa baafatu, kan haqa hiyeessaa hin balleessine,

55} \*Isaanii Rabbi soda'aa salaatu takkaayuu isaanii salaata sunna'aa salaatuu heddommeysu.

\*Namni Rabbiifii rasuula isaatifii, warra Rabbitti amane aanaa godhatee wajji dhaabbatee isaanif tumse, inni warra milkaaye kan injifatu,

56} \*Maalif warri Rabbi, isaatu xilaata

isaa hunda injifata, ormi mu'minaa kan Rabbitti irkatee, qabsoo godhu, abaduma xilaata isaanii injifatuun oolu, waan Rabbiin baallama isaanif seenef jecha, akka xilaata isaanii injifatan gargaarsa isaatin.

\*Yaa warra Rabbitti amane, warra diinaa keessan qishna'aaf qabatan,

\*Yookaa diinaa keessan taphaaf qabatu, afaanin amananii gara'aan kafaranii,

\*Orma isin dura kitaaba kenname, yahuuda'aafii nasaara'arraa, ammallee kuffaara biraa

\*Owliyaa hin godhatinaa, jara akkatti diinaa

ذَلِكَ فَضَّلُ اللَّهُ يُؤْتِيهِ مَنْ يَشَاءُ

وَاللَّهُ وَاسِعٌ عَلِيمٌ

إِنَّمَا وَلِيُّكُمُ اللَّهُ وَرَسُولُهُ وَالَّذِينَ آمَنُوا

الَّذِينَ يُقِيمُونَ الصَّلَاةَ

وَيُؤْتُونَ الزَّكَاةَ

وَهُمْ رَاكِعُونَ

وَمَنْ يَتَوَلَّ اللَّهَ وَرَسُولَهُ وَالَّذِينَ آمَنُوا

فَإِنَّ حَرْبَ اللَّهِ هُمْ الْعَالِيُونَ

يَأَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لَا تَتَّخِذُوا الَّذِينَ اتَّخَذُوا دِينَكُمْ هُزُوعًا

وَلَعِبًا

مِنَ الَّذِينَ أُوتُوا الْكِتَابَ مِنْ قَبْلِكُمْ وَالْكَافِرَ

أَوْلِيَاءَ



keessan xiqqeesse aanaa ,yookaa jaala godhattanii isaanii hin tumsinaa, namni diinaa keessan xiqqeesse xilaata keessanii, hayn'i isaa, xilaatumma'aaf isa qabatu'u malee, aanaa isa godhattanii ifirratti moosisu'uu mitii

57} \*Rabbi sodaadha'aa aanaa isaan hin godhatinaa, yoo kan dhuga'aan Rabbitti amantan taatan.

وَاتَّقُوا اللَّهَ إِنَّكُمْ مَوْمِنِينَ ﴿٥٧﴾

\*Orma munaafiqaa kan Afaanin amane, kan gara'aan moromaa Rabbii qabu san, yoo salaataatti isaan yaamtan, azaanaa azaantanii, \*Salaata waan qishna'aafii taphaa, tan waliin kofalchiisan godhatan,

وَإِذَا نَادَيْتُمْ إِلَى الصَّلَاةِ

اتَّخَذُوا هُزُؤًا وَلَعِبًا

58} \*Wanni isaan akkas dalaganiif , sababaa

ذَٰلِكَ بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَا يَعْقِلُونَ ﴿٥٨﴾

isaan warra haqa Rabbii hin beyne tayaniif jecha, silaa odoo aylii qabaatanii ,ibaadaa Rabbii kabajaniiti, gammachu'uun fuula Rabbii isaanii dura dhaabbatan.

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad, wanni warra kitaaba kennameen jettu; yaa warra kitaabaa, isaan yahuuda'aafii nasaara'aa, \*Si nuti Rabbii tokkichatti amannee,

قُلْ يَا أَهْلَ الْكِتَابِ

هَلْ تَنقِمُونَ مِنَّا إِلَّا أَنْ أَمَنَّا بِاللَّهِ

\*Ammas waan Rabbirraa nutti buufame , qur'aanatti amannee,

وَمَا أَنْزَلْنَا

\*Ammallee waan Rabbiin anbiyoota nu

وَمَا أَنْزَلْنَا مِنْ قَبْلُ

durarratti buusetti amanuu keenyaf malee, waan biraa, wahi nurraa jibbitanii? ji'iin, wanni yahuuda'aafii nasaaran orma islaamaa jibbituuf isaantu tokkummaa Rabbitti amanee, anbiyoota Rabbii hundatti amane'eefi,

59} \*Odoon irra hedduun kekeessan karaa

وَأَنْ أَكْثَرُكُمْ فَاسِقُونَ ﴿٥٩﴾

Rabbirraa baatanii jirtanuu, wanni isin nu jibbitaniif nuti karaa haqarraa jiraannee ,isin karaa Rabbirra bayu'uufi, {tanqimuun} jechuun; wanni nurraa jibbitan jechu'.

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad yahuuda'aafii nasaara'aan akki jettu; warra islaamaa kan isin jibbitan kanarraa warra Rabbi biratti qixaan'i isaa akkaan jaba'aa yookaa hama'aa isinii odeessuu, {mathuubatan} jechuun ;ja zaa jechu', galata jechu'

قُلْ هَلْ أَنْبَيْتُكُمْ بِشَرِّ مِمَّنْ ذَٰلِكَ مَثُوبَةً عِنْدَ اللَّهِ

\*Jarri jazaan isaanii Rabbi biratti hama'aa sun, nama jibbansa haqa godhate, warra Ra-

مَنْ لَعَنَهُ اللَّهُ

bbiin abaaree rahgmata isarraa isaan fage-  
esse,

\*Ammallee warra Rabbiin itti dallane,

وَعَضِبَ عَلَيْهِ

\*Itti dallanee,jaldeessafii,kharkarroo isaani-  
rraa godhe,takkaa jaldeessafii kharkarro'otti  
isaan gara galche,

وَجَعَلَ مِنْهُمْ الْقِرَدَةَ وَالْخَنَازِيرَ

\*Kan ammallee warra sheyxaana ibaadu  
isaaniirraa godhe, isaan akkatti jallatan sun,  
orma yahuuda'aati,

وَعَبَدَ الطَّاغُوتَ

\*Isaan warra bakkeen isaan itti booda aanan  
akkaan hamtu'uuti,sun ibidda azaabatii,

أُولَئِكَ شَرٌّ مَكَانًا

**60** } \*Ammas isaan warra karaa qajeella'a-  
rraa akkaan jallate,yookaa bade, maqe

وَأَضَلُّ عَنْ سَوَاءِ السَّبِيلِ ﴿٦٠﴾

\*Ormi kara'arraa jallate sun,hoggaa isin-  
itti dhufan, nuti Rabbiifii rasuulatti ama-  
nne je'an

وَإِذَا جَاءَ وَكُمُ قَالُوا آمَنَّا

\*Isaan kufri'iin wajji isinitti dhufaniituma  
akkasumatti kufri'iin wajji isin biraa bayan  
,kan hin islaamayin, takkaayuu hin amanin,

وَقَدْ دَخَلُوا بِالْكَفْرِ وَهُمْ قَدْ خَرَجُوا بِهِ

**61** } \*Rabbiin waan isaan gara`atti dhoyfa-  
tan ni beekha, kufrii isaan gara'atti qabatan  
kan isinirraa dhoysan ni beekaa, isaan qix-  
aaxu'uu jiraata.

وَاللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا كَانُوا يَكْتُمُونَ ﴿٦١﴾

\*Wanni ati gartu ormi yahuuda'arraa nama  
hedduu daddafee kijiba keessa bu'u, {ithmi}  
jechuun;kijiba jechuu yookaa dilii jechu',

وَنَرَى كَثِيرًا مِنْهُمْ يُسْرِعُونَ فِي الْأَثْمِ

\*Ammallee orma yahuuda'arraa nama hed-  
duu nama miidhu'utti daddafu garta,

وَالْعُدُونَ

\*Ammas isaanirraa warra waan Rabbiin  
irraa dhoowwe nyaatu'utti jarjaru garta, sun  
gubboo nyaatu'uu,

وَأَكْثِلَهُمُ السُّحْتَ

**62** } \*Yaa hammeenya waan isaan dalaganii,  
sun kijibaafii, namatti roorrisu'uufii , gubboo  
nyaatu'utti daddafu'uu.

لَيْسَ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿٦٢﴾

\*Si ulamaan isaanii akkasuma warri fiqhii  
beekhu kijibaafii, gubboo nyaatu'urraa isa-  
an hin dhoowwanii ? silaa odoo irraa dho-

لَوْلَا يَنْهَاهُمْ رَبُّنَا وَالْأَحْبَارُ عَنْ قَوْلِهِمُ الْإِثْمَ

وَأَكْثِلَهُمُ السُّحْتَ

wwanii, waan isaanirra jiruun dhaabbatan, haa tayuu ulamaan isaanii, akka-  
suma suufiyyoonni isaanii isaan gorsanii hamtu'urraa isaan dhoowwu dhiisan  
**63** } \*Yaa hammeenya waan ulamaan dala-  
yduu, sun ummata gorsanii hamtu'urraa  
dhoowwu dhiisu'uu.

لَيْسَ مَا كَانُوا يَصْنَعُونَ ﴿٦٣﴾

\*Yahuudan akkuma namaan wajji adabaan

وَقَالَتِ الْيَهُودُ يَدُ اللَّهِ مَغْلُولَةٌ

qabne, Rabbiin wajjis adaban qabne, tanaaf jecha hoggaa Rabbiin sababaa  
isaan nabi Muhammaditti kafaraniif rooba irraa kutee, horiin duraan kenneef,  
duraan dhume, hiyyooman akki jetti; harki Rabbi waa kennu'urraa hidha'a, ta-  
kkaa maraa jette, akkana jechuun isaanii Rabbiin doyn'a jechu', Rabbiin waan  
isaan je'anirraa qulqullaaye, haa tayuu akkana jechuun isaanii adaba dhabu', mee  
akkamiin Rabbiin isaan uumee, mata'aa, miila, gurraa, ija, ammallee waan bi-  
raa isaanii kenne doyn'a taya? duuba Rabbiin akki je'ee isaanirratti deebise,

\*Harki isaanii haa hidhamu dalagaa kheyri'ii  
hundarraa harki isaanii haa qabamu je'ee  
isaan abaare,

عَلَّتْ أَيْدِيهِمْ

\*Sababaa isaan dubbii hamtuu tana Rabbiin  
je'aniif ,Rabbiin isaan abaare,rahgmata isa-  
rraa isaan fageesse,

وَلَعَنُوا مَا قَالُوا

\*Dubbiin akka yahuudan jettuu mitii, harki  
Rabbii bal'a', akkana jechuun; Rabbiin arja'  
jechu',

بَلَّ يَدَاهُ مَبْسُوطَتَانِ

\*Kan akka fedhetti waa kennu,kan fedhetti

يُنْفِقُ كَيْفَ يَشَاءُ

bal'isee,kan fedhetti dhiphisee, waan dantaan gabricha isaa, kennaa yookaa  
dhowwaa keessa jiraatuu beekuf jecha, maalif nama meeqaatami kan yoo qu-  
ufe Rabbii ifii irraanfatu, tanaaf jecha namni bakka afuritti qoodama;

- 1 Nama durumma'aafii hiyyummaa keessatti Rabbi sodaatu,
  - 2 Nama durumma'aafii hiyyummaa keessatti Rabbi hin sodaanne,
  - 3 Nama yoo duroome Rabbi sodaatu, kan yoo hiyyoome Rabbi hin sodaanne,
  - 4 Nama yoo duroome Rabbi hin sodaanne, kan yoo hiyyoome Rabbi sodaatu,
- Rabbiin kana hunda beekhaa kanatti bal'isee kaanitti dhiphisa,

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad qur`aanni  
sirratti buufame kun orma yahuuda'arraa na-  
ma heddu'utti jallina, ammallee kufrii ida'a,  
waan qur'aanatti amanuu didaniif jecha,

وَلَيَزِيدَنَّ كَثِيرًا مِنْهُمْ مَا أَنْزَلْنَا إِلَيْكَ مِنَ رَّبِّكَ طُغْيَانًا

وَكُفْرًا

\*Orma kuffaaraa kan yahuudi`ii jiddu`utti  
wal didda'aafii, jibbansa buufnee ,takkaa da-  
rbinee jirra, kan abaduma harka tokko hin  
taane hanga guyyaa qiyaama'atti,

وَالْقَيْنَا بَيْنَهُمُ الْعَدَاوَةَ وَالْبَغْضَاءَ إِلَى يَوْمِ الْقِيَامَةِ

\*Ormi kuffaaraa hogguma ibidda lolaa

كَلِمًا أَوْ قَدُورًا لِّلْحَرْبِ أَطْفَالَهُ اللَّهِ

orma islaamatti qabsiisu, hunda Rabbiin ni dhaamsa, akkana jechuun; ormi kuffaaraa kan yahuuda'aatifii kan nasaara'aa hoggaa orma islaamaa miidhu'uu ka'e Rabbiin hoongoodhan isaan deebisa jechu',

\*Ormi kuffaaraa cubbuu dalagee dachii ballessu'uuf deema,

وَيَسْعَوْنَ فِي الْأَرْضِ فَسَادًا

64} \*Rabbiin warra waa balleysu hin jaalatu, isaan qixaaxa jechu'.

وَاللَّهُ لَا يُحِبُّ الْمُفْسِدِينَ ﴿٦٤﴾

\*Odoo warri kitaabaa { towraatifii, injiil } nasaara'aafii yahuudan, nabi Muhammaditti amananii, Rabbi sodaatanii, moromaa dhiisanii,

وَلَوْ أَنَّ أَهْلَ الْكِتَابِ آمَنُوا وَاتَّقَوْا

65} \*Silaa dilii isaan islaaman dura dalagan mara isaanif araaramneeti, ammallee jannata qananii zalaalami'ii isaan seensifna.

لَكَفَّرْنَا عَنْهُمْ سَيِّئَاتِهِمْ وَلَا دَخَلَتْهُمُ جَنَّتِ

التَّعِيمِ ﴿٦٥﴾

\*Silaa odoo yahuuda'aafii nasaaran, waan towraatifii injiil keessa jirutti dalaganii, waan kitaaba lamaan keessa jirurraa tokko nabi Muhammaditti amanaa jechu'uu, odoo isatti amananii,

وَلَوْ أَنَّهُمْ أَقَامُوا التَّوْرَةَ وَالْإِنْجِيلَ

\*Ammallee odoo waan Rabbirraa isaanitti dhufe hundatti amananii, waan Rabbirraa dhuferraa tokko qur'aanaa, odoo yahuuda'aafii nasaaran qur'aana dhugo'oomsitee,

وَمَا أُنزِلَ إِلَيْهِمْ مِنْ رَبِّهِمْ

\*Silaa Rabbiin qananii saa, jalaa gubba`aan

لَا كُفَرُوا مِنْ قَوْمِهِمْ وَمِنْ تَحْتِ أَرْجُلِهِمْ

itti bana waan isaan gubba'aa bu'u kan akka roobaa isaanii heddommeysee, waan miila isaanii jalaa bayu kan akka midhaanii isaanii heddommeysee, akkana jechuun; barakaa sami'iitifii tan lafallee argatanii quufan jechu',

\*Yahuuda'aafii nasaaran hundi isaanii akka

مِنْهُمْ أُمَّةٌ مُّقْتَصِدَةٌ

tokkoo mitii, isaanirraa nama qajeela'aatu jira, kanneen waan towraatifii injiil keessa jirutti dalagu'uu jecha, nabi Muhammaditti amananii qur'aana dhugo'oomsan, yahuuda'arraa namni akkasitti qajelee, kan akka abdullaahii ibnu salaa-mifii waa heloota isaati, ammoo warri nasaara'arraa akkasitti qajelee kan akka mootii habasha'aatifii ummata isaati, kan nabi Muhammad akkuma towraatifii injiil keessatti milikkata isaa arganii dhagayan tayuu garraan, itti amananan,

66} \*Haa tayuu irra hedduun yahuuda'aafii nasaara'aa karaa jalla'arra jiran, kan wanni isaan dalagan hamtu'uu, takkaa yaa fokkina

وَكَثِيرٌ مِنْهُمْ سَاءَ مَا يَحْمِلُونَ ﴿٦٦﴾

waan isaan dalaganii jechu'.

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad waan Rabbii keetirraa sirratti buufame ,qur'aana ummatatti geessi, isaan barsiisi, waa takka isaanirraa hin dhoysin, waan isaan jaalataniifii waan isaan jibbanillee, ittuma odeessi, namaatu na miidha jettee hin dhoysin,

\*Yoo waan Rabbiin sirratti buuse hunduma isaa ummatatti geessuu baatee garii dhoysite

\*Waan sirratti buufame matumaanuu waan geessifne,maalif waan Rabbiin namaan erge garii dhoysuun akkuma waan hunda isaa dhoysu'uuti,

\*Rabbiin nama si ajjeessu'uu deemu hundarraa si tiysaa, waa takka hin sodaatinii, waan Rabbiin siin je'u dalagi,

67} \*Rabbiin warra kafare karaa milki'ii hin qajeelchu.

\*Warra kitaabatiin akki jettu yaa warra kitaabaa, isaan yahuuda'aafii nasaara'aa, waa takka waan diinaa je'amu, kan irra jirtan hin qabdan ji'iin,diinaa haqaa hin qabdan jechu',

\*Hanga towraatifii injiil dhaabdaniin , hanga waan isaan lamaan keessa jiru dhugo'oomsitanii itti dalaydanitti, waan kitaaba isaanii keessa jirurraa tokko nabi Muhammaditti amanaa jechu',

\*Ammas hanga waan Rabbii keessanirraa

isinitti dhufe hunda dhugo'oomsitanii itti amantanitti karaa haqaa kan irra jirtan hin qabdan, waan Rabbirraa isinitti dhuferraa tokko qur'aana,duuba hanga nabi Muhammaditti amantanii qur'aana dhugo'oomsitanitti, diinaa haqaa kan irra jirtan hin qabdan ji'iin

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad wanni Rabbirraa sirratti buufame,warra kitaabaa yahuuda'aafii nasaara'arraa nama heddu'utti jallinaafii kufrummaa ida'a, waan itti amanuu didaniif jecha

68} \*Warra kafareef hin yaaddawin maalif

يَأْتِيهَا الرَّسُولُ بَلِّغَ مَا أُنزِلَ إِلَيْكَ مِنْ رَبِّكَ

وَإِنْ لَمْ تَفْعَلْ

فَمَا بَلَغْتَ رِسَالَتَهُ

وَاللَّهُ يَعْصِمُكَ مِنَ النَّاسِ

إِنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الْكَافِرِينَ ﴿٦٧﴾

قُلْ يَا أَهْلَ الْكِتَابِ لَسْتُمْ عَلَى شَيْءٍ

حَتَّى تُقِيمُوا التَّوْرَةَ وَالْإِنْجِيلَ

وَمَا أُنزِلَ إِلَيْكُمْ مِنْ رَبِّكُمْ

وَلَيَزِيدَنَّ كَثِيرًا مِّنْهُمْ مَا أُنزِلَ إِلَيْكَ مِنْ رَبِّكَ

طُعِينًا وَّكُفْرًا

فَلَا تَأْسَ عَلَى الْقَوْمِ الْكَافِرِينَ ﴿٦٨﴾

natti amanuu oolan jettee.

\*Warri afaanin amane kan garaan isaanii hin amanin {munaafiqoonni},

\*Warri yahuuda'aa,

\*Ammallee warri {saabi'aa} je'amu isaan yahuuda'aafii nasaara'arraa tokko, takkaa isaan aaraamiyyoota warra malaaykaa gabbaruu,

\*Ammas ormi nasaara'aa ,

\*Namni jara dabarsine sanirraa, yahuuda`aa

saabi'aa, munaafiqaa, nasaara'arraa, Rabbitti amane, ammallee rasuula isatti amane , ammas guyyaa boodaayookaa maayyi'itti amane, sun guyyaa qiyaama'aatii,

\*Warri isaanirraa waan gaarii dalage,

\*Addunya'arratti sodaa hin qaban wanni isaan sodaachisu isaanitti hin argamtu,

69} \*Aakhira'attis hin yaaddawan, waan gaarii dalaguu dhabneeti galata gaarii dhabne je'anii qalbiin isaan hin caphxu akka nama biratti kan amanee waan gaarii hin dalagin.

\*Ilmaan israa'iilirraa akka Rabbiifii rasuula isatti amanaman baallama fuunee jirra,

\*Ergamoota hedduu isaanitti ergine,

\*Duuba hogguma ergamaan tokko waan isaan hin jaalanneen isaanitti dhufe mara hin qeebalanii dura dhaabbatan,

\*Garii ergamootaa ni kijibsiisanii,

70} \*Ammoo garii isaanii ni ajjeesan, kan akka nabi zakariyya'aafaa.

\*Jarri akkatti hammeenya dalagu sun waan fitnaan yookaa qixaan'i waan dalagan sanerratti isaan hin tuyn'e seyan,

\*Duuba tanaaf jecha haqa argu'urraa jaaman,

\*Haqa dhagayu'urraayis duudan,

إِنَّ الَّذِينَ آمَنُوا

وَالَّذِينَ هَادُوا

وَالصَّالِحِينَ

وَالنَّصْرَى

مَنْ آمَنَ بِاللَّهِ وَالْيَوْمِ الْآخِرِ

وَعَمِلَ صَالِحًا

فَلَا خَوْفٌ عَلَيْهِمْ

وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ ﴿٦٩﴾

لَقَدْ أَخَذْنَا مِيثَاقَ بَنِي إِسْرَائِيلَ

وَأَرْسَلْنَا إِلَيْهِمُ رُسُلًا

كَمَا جَاءَهُمْ رَسُولٌ بِمَا لَا تَهْوَى أَنْفُسُهُمْ

فَرِيقًا كَذَّبُوا

وَفَرِيقًا يَقْتُلُونَ ﴿٧٠﴾

وَحَسِبُوا أَلَّا تَكُونَ فِتْنَةً

فَعَمُوا

وَصَمُوا

\*Duuba eeguma kana hunda dalaganii gara Rabbii deebi'anii araara irra barbaadan Rabbiin isaan qixaaxu'urraa isaanif deebi'ee isaanif araarame,

ثُمَّ تَابَ اللَّهُ عَلَيْهِمْ

\*Ammas lammada eeguma Rabbiin isaanif araaramee jallatani haqa argu'urraa jaamanii , haqa dhagayu'urraa duudan,

ثُمَّ عَمُوا وَصَمُوا

\*Irta hedduun isaanii,

كَبِيرٍ مِنْهُمْ

71} \*Rabbiin waan isaan dalagan ni argaa isaan qixaaxu'uu taa'a, waan hamtuu dalaganirratti.

وَاللَّهُ بِصِرْمِهِمْ بِمَا يَعْمَلُونَ ﴿٧١﴾

\*Warri Rabbiin {iisaa} ilma maryami je'u , dhugumaan Rabbitti kafare, warri { yasuu` } Rabbi je`u dhugumaan Rabbitti ka faree, karaa qajeello'orraa baye, wanni isaan nabi {iisan} Rabbi je'aniif, isaatu abbaa malee dhalate'eefi, ammallee mukgjizaa Rabbiirraa argate'eefi,

لَقَدْ كَفَرَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ هُوَ الْمَسِيحُ ابْنُ مَرْيَمَ

\*Ammoo nabi iisan {yasuu' kiristoos} warra isaan Rabbi je'uun akki je'e;yaa ilmaan israa'iil Rabbii tokkichatti amanaa, tokkummaa isaa yaadaa,

وَقَالَ الْمَسِيحُ يَبْنِي إِسْرَائِيلَ أَعْبُدُوا اللَّهَ

\*Rabbii kiyyaafii keessan ibaadaa , ana afii isin gabroottan isaatii, Rabbi naan hin je'inaa , Rabbiin isa naafii isinillee uumee tottooyatu, waan biraa Rabbitti hin qixxeessinaa,

رَبِّي وَرَبِّكُمْ

\*Waa takka beekhaa, nama Rabbitti waa qixxeyse ,Rabbiin jannata seenu'urraa isa dhoowwe, yookaa hoongesse,

إِنَّهُ مَنْ يُشْرِكْ بِاللَّهِ فَقَدْ حَرَّمَ اللَّهُ عَلَيْهِ الْجَنَّةَ

\*Teesson nama Rabbitti waa qindeessee aakhira'atti ibidda jahannami,

وَمَا وَنُهُ النَّارُ

72} \*Warri waan biraatin Rabbi je`ee , azaaba mudatee if miidhe, nama isaanii dirmaatee qixaaxa Rabbii jala isa baasu hin qabu.

وَمَا لِلظَّالِمِينَ مِنْ أَنْصَارٍ ﴿٧٢﴾

\*Warri Rabbiin sadiyirraa tokko , je'u dhugumaan ka fare Rabbiin sadeen isaan je`an tokko Rabbii gudda', lamaan kuun iisa'aafii haadha isaati, akka Rabbiin nuu hime , warri nabi {iisaa} gabbaru bakka sadiyitti baya tokko warra isaan Rabbiirraa je'u, tokko warra Rabbiin sadii je'u ,sadeen sun tokko Rabbii guddaa, to-

لَقَدْ كَفَرَ الَّذِينَ قَالُوا إِنَّ اللَّهَ ثَالِثُ ثَلَاثَةٍ

kko {iisaa} tokko haadha isaa maryami,warri kana yaadu orma kiristaanati, nasaara'ati,

\*Rabbii tokkicha malee Rabbiin biraa hin jiru, Rabbiin lama, sadii, jechuun cubbu',

\*warri Rabbiin sadii je'u,yookaa {iisan} Rabbi je'u, yoo waan je'an sanirraa dhooww-amanii, tokkummaa Rabbii yaaduu baatan,

73}\*Warra isaanirraa { iisan} Rabbi yookaa Rabbiin sadii je`uudharraa deebi'uu dide ,azaabni isaan laalessu isaan tuqa,sun ibiddi isaan gubu'uu,yoo isaanii {iisan} Rabbi yookaa Rabbiin sadii jechaa yaadu du'an.

\*Si ormi Rabbiin sadii je'u, yookaa Rabbiin {iisaadha} je'u, waan kana dhiisanii, gara Rabbii isaanifii {iisaa} uumee deebi'anii, tokkummaa isaan yaadanii?

\*Araara isarraa hin barbaadanii?

74}\*Rabbiin kan warra isatti dheesuef araramu, kan waan san dura irraa argamerratti isaan qixaaxuu dhabu'uun, rahgmata isaanif godhu.

\*{Iisan} ilmi maryam waa Rabbii mitii ergamaa Rabbiiti,

\*Kan isa dura anbiyoonni Rabbii dhufee

dabre,kan inninis akkuma isaanitti dhufee dabre, inni akkuma nabi aadamiifii, ibraahiimifii, nabi muusa'aati, akkuma isaan karaa Rabbii tokkichatti nama yaaman, inninis karaa Rabbii tokkichatti nama yaama, tanaaf jecha {iisan} gabricha Rabbii, ergamaa isaati malee waa Rabbii miti,

\*Haati iisaadhaa {maryam} tan tokkummaa Rabbitifii, dandaytii isaa dhugoomsitu, tan ergamoota Rabbii hunda dhugo'oomsitu

\*Iisa'aafii haati isaa { maryam } beelaf jecha

nyaata nyaatan, akkuma wanni biraa waa nyaattu, horii tayuu,nama tayuu, kan wanni isaan nyaatan, dhiigafii fincaanifii,udaanitti gara galu,duuba namni rakkoo beelaa jalaa bayu'uu jecha, nyaatee dhugu, akkamiin Rabbi taya? nama nyaatee dhugu malee hin jiraanne, kan akka iisa'aafii haadha isaa faa dhiisii, malaaykan nyaataa dhugaati'ittin haajamne Rabbi hin je'amtuu, akkamitti

وَمَا مِنْ إِلَهٍ إِلَّا إِلَهُ وَاحِدٌ

وَإِنْ لَمْ يَنْتَهُوا عَمَّا يَقُولُونَ

لَيَمَسَّنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ

٧٣

أَفَلَا يَتُوبُونَ إِلَى اللَّهِ

وَيَسْتَغْفِرُونَ لَهُ

وَاللَّهُ عَفُورٌ رَحِيمٌ

مَا الْمَسِيحُ ابْنُ مَرْيَمَ إِلَّا رَسُولٌ

قَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِهِ الرُّسُلُ

وَأُمُّهُ صِدِّيقَةٌ

كَأَنَّا يَأْكُلَانِ الطَّعَامَ



{iisan} kan bakka namni biraa dhalateen baye, kan akka namni biraa beelayee waa nyaatutti waa nyaatu Rabbi taya?

\*Mee akka waan tokkummaa Rabbii ibsu itti isaanii addeysinu laali,

75} \*Mee eegasii kanumaan wajji akka. Isaan haqa itti didanii kafaran laali, {yu'faku-un} jechuun;irraa gara galu' , odoo waan haqa isaan agarsiisu arganuu qeebaluu didu' jechu'u

أَنْظِرْ كَيْفَ نَبِّئْتَهُمُ الْآيَاتِ

ثُمَّ أَنْظِرْ أَيْنَ يُؤَفِّكُونَ ﴿٧٥﴾

\*Wanni ati warra waan Rabbin tayin ibaadun jettu; si isin Rabbi dhiiftaniiti? Waan isin miidhuu hin dandeenye , kan yoo rabb-

قُلْ أَعْبُدُوا مِن دُونِ اللَّهِ مَا لَا يَمْلِكُ

لَكُمْ ضَرًّا وَلَا نَفْعًا

in fedhin isin fayyaduu hin dandeenye, ibaaddanii? ji'iin, Rabbii nibaadaa haqa godhatu, kan odoo mukni isin ibaaddan hin mayrin namaa roobuu ture, kan nama fayyisuu ture, Rabbiin kan odoo nabi {iisan}hin uumamin, namaa roobee ,nama dhukkubsate fayyisee, nama waa isa khadhatee kennu, Rabbiin osoo nabi iisan hin dhalatin dura harka nabi muusa'aa keessatti {ulee} bofa godhe, duuba namni nabi {muusan} Rabbi je'e hin jiruu, akkasuma yoo Rabbiin nabi iisa'aa je'ee nama du'ee jiraachise, yoo isaa je'ee dhukkubsataa fayyise , akkuma nabi Muhammadii je'ee nama du'e jiraachise, nama dhukkubsate fayyise, wanni akkanaa nabi iisa'aa argamuun Rabbi isan gootu,akkuma anbiyoota biraa Rabbi hin goone, sun hundinuu waan Rabbiin guddaan ergamoota isaa guddisuudhaf dalage, fayya'aafii, wanni biralleen waan yoo Rabbiin fedhe argamu,kan yoo innin fedhin dhabamu,waan Rabbiin tokkichi fedhe malee wanni biraa hin taatu,

76} \*Rabbiin kan waan gabroonni isaa je'u hunda dhagayu, kan waan isaan dalagan hunda beekhu.

وَاللَّهُ هُوَ السَّمِيعُ الْعَلِيمُ ﴿٧٦﴾

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad warra kitaabatiin akki hettu, yaa warra kitaabaa isaan yahuuda`aafii nasaara`aa diinaa kees-

قُلْ يَا أَهْلَ الْكِتَابِ لَا تَغْلُوا فِي دِينِكُمْ

غَيْرَ الْحَقِّ

san keessatti wasanaa hin bayinaa, dubbii nabi iisa'aa keessatti daangaa hin dabrinaa, waan haqa hin tayin hin je'inaa, yahuuda'aafii nasaaran, dubbii nabi iisa'aa keessatti wasanaa bayan, yahuudan nabi iisaa darajaa isaatii gad isa gootee, ilma sharmuuxati jettee haqaan male'etti isa arrabsite, ammoo nasaaran nabi iisaa darajaa isaati ol isa dabarsiteeti inni Rabbi jette, kun hundinuu wasanaa bayu',karaan qajeello'oo dubbii nabi iisa'aa keessatti hunoo akana je'a; nabi iisan ilma zina'aatii miti, akka yahuudan jettu,ammallee inni Rabbii miti akka nasaaran jettu, inni gabricha Rabbiiti,ammallee ergamaa isaati,kan akku-

ma anbiyoota biraa ergetti erge,tanaaf jecha Rabbiin yahuuda'aafii nasaara'aan dubbii nabi iisa'aa keessatti wasanaa hin bayinaa je'e,

\*Jallina warra isin dura jalalatee nabi iisa'aa ilma zina'aati je'e, yookaa Rabbi je'e jalla hin deeminaa, waan isaan yaadan yaad-danii, waan isaan je'an hin je'inaa, isaan warra jallatee,

\*Ammas isaan warra nama hedduu jallise ,warra odoo nabi Muhammad hin ergamin ifii jallatee, nama biraa hedduu jallisee, isaan jala deemtanii hin jallatinaa,

77}\*Warri sun ammas eega nabi Muhammad ergamee itti amanuu didaniiti karaa qajeello'orraa jallatan.

\*Warri ilmaan israa'iilirraa kafare, afaan nabi daawudin abaaramee jira nabi daawuud isaan abaaree jira yaa Rabbi jaldeessatti isa-

an gara galchi je'ee, Rabbi khadhannaan, Rabbiin jaldeessa isaan godhe, warri Rabbiin jaldeessa godhe sun,warra guyyaa sabti'ii qurxummii al'oollate, kan Rabbiin guyyaa sabti'ii hin al'oolinaa je'een, tanaaf jecha nabi daawuud isaan abaare,

\*Ammallee warra isaanirraa kafare san nabi

{iisan} abaaree jira,warri nabi iisaan abaare sun, orma nabi iisa'aa nyaata sami'ii nuu buusi hoggaa san sitti amannaa je'aniin, kan nabi iisan Rabbi khadhannaan Rabbiin nyaata sami'ii isaanif buusee nyaatanii, quufanii, eega sanii Rabbitti kafaran, jara san, nabi iisan yaa Rabbi kharkarro'otti isaan gara galchi je'ee khadhannaan,Rabbiin kharkarro'otti isaan gara galche, akkanatti warri ilmaan israa'iilirraa kafare arraba anbiyootatiin abbaraman,

\*Anbiyoonni isaan abaarun Rabbiin jaldeesafii kharkarro'otti isaan gara galchuun sun, sababaa isaan Rabbitti dilaayaniifi,

78}\*Ormi yahuuda'aa kan Rabbiin isaan jirjiire sun karaa Rabbirraa bayuu turan, isaan waan Rabbiin irraa dhoowwe dalagu'uun , waan inni itti ajaje dhiisu'uun wasanaa bayan

\*Isaan waan hamtuu dalaganirraa wal hin dhoowwan, kijibarraa wal hin dhoowwan, haqa namaa nyaatu'urraa wal hin dhowwan

وَلَا تَتَّبِعُوا أَهْوَاءَ قَوْمٍ قَدْ ضَلُّوا مِنْ قَبْلُ

وَأَضَلُّوا كَثِيرًا

وَضَلُّوا عَنْ سَوَاءِ السَّبِيلِ ﴿٧٧﴾

لُعِنَ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْ بَنِي إِسْرَائِيلَ عَلَى لِسَانِ دَاوُدَ

وَعِيسَى ابْنِ مَرْيَمَ

ذَلِكَ بِمَا عَصَوْا

وَكَانُوا يَعْتَدُونَ ﴿٧٨﴾

كَانُوا لَا يَتَنَاهَوْنَ عَنْ مُنْكَرٍ فَعَلُوهُ

,yoo isaanirraa namni tokko isaanuma dur-  
atti, waan hamtuu namaa sa'a miitu dalage  
dhiisi hin je'aniin,

79} \*Yaa hammeenya waan isaan dalaganii  
,sun hamtu'urraa wal dhoowwu dhabu'uu.

\*Wanni ati gartu, orma yahuuda'arraa nama  
afaanin islaamaye kan gara'aan hin islaam-  
ayin hedduu, kan isin jibbanii orma kuffa-  
araa aanaa godhatan, kan isin dhiisanii orma  
kuffaaratii tumsan agarta,

\*Yaa hammeenya waan lubbuun isaanii da-  
laydee ,isaanif dabarsitee, sun orma islaamaa  
dhiisanii kuffaaraf tumsu'uu,

\*Kan sababaa sanii jecha Rabbiin isaanitti  
dallanee, rahgmatarraa isaan fageesse

80} \*Isaan warra zalaalamii ibidda azaabaa  
keessa qubatan ,kan keessaa hin baane.

\*Odoosilaa dhugaadhan Rabbiifii rasuula  
isaa Muhammaditti amananii,

\*Waan nabi Muhammadirratti buufame, qu-  
r'aanatti, amananii,

\*Silaa waa kuffaara aanaa hin godhatan, isa-  
anif hin tumsan , orma islaamaa dhiisanii

81} \*Haa tayuu irra hedduun orma yahuu-  
da`aa faasiqoota, warra karaa Rabbirraa baye  
,kan afaanuma qofaan amanan, kan gara'aan  
kaafiraa

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad akka yah-  
uudan nama biraa hundarra orma islaamaa  
jibbitu agarta , ammas eega yahuuda`aatii

akka warri kitaaba hin qabne, kan Rabbitti waa qindeessu , nama biraa hund-  
arra akkaan orma islaamaa jibbu agarta , warri kitaaba hin qabne wallaalaf or-  
ma islaamaa jibba, waan islaamni taye wallaalafi , akka islaamni waan gaarii  
hundatti nama ajajee, waan hamtuu hundarraa nama dhoowwu wallaalafi orma  
islaamaa jibban , silaa odoo san beekhee, ormi {awaama} sun orma karaa islaa-  
maa qabate xilaatumma'aa hin qabatu, haa tayuu wallaalan xilaata waan hin  
beynetii, tanaaf orma islaamaa xilaatumma'aaf qabate, ammoo yahuudan odoo  
ormi islaamaa karaa haqaa kan addunya'aa aakhira'atti najaa nama baasurra

لَيْسَ مَا كَانُوا يَفْعَلُونَ ﴿٧٩﴾

تَرَى كَثِيرًا مِنْهُمْ يَتَوَلَّوْنَ الَّذِينَ  
كَفَرُوا

لَيْسَ مَا قَدَّمَتْ لَهُمْ أَنْفُسُهُمْ

أَنْ سَخَطَ اللَّهُ عَلَيْهِمْ

وَفِي الْعَذَابِ هُمْ خَالِدُونَ ﴿٨٠﴾

وَلَوْ كَانُوا يُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ وَالنَّبِيِّ

وَمَا أَنْزَلَ إِلَيْهِ

مَا أَخَذُوا لَهُمْ أَوْلِيَاءَ

وَلَكِنَّ كَثِيرًا مِنْهُمْ فَسِقُونَ ﴿٨١﴾

﴿لَتَجِدَنَّ أَشَدَّ النَّاسِ عَدُوًّا لِلَّذِينَ آمَنُوا﴾

﴿الْيَهُودَ وَالَّذِينَ أَشْرَكُوا﴾

jiranii beytuu, wanni isiin orma islaamaa jibbituuf hisdi'iifi , waanyumma'aafi ,yoo islaamni haqaa mul'ifne,ormi yahuuda'aa islaamayeeti, matummaa dha-bna'aafi ,

\*Warra jaalalti isaanii orma islaamatti dhiya-aattu warra nasaaraa ifiin je'u garta, isaantu orma islaamaa jaalatu'utti dhiyaata ,

\*Wanni ormi nasaara'aa orma islaamaa jaa-latu'utti dhiyaatuf; sababaa ulamaa'in yoo-kaa qeessonni karaa haqaa isaanii himu, isa-an keessa jiruufi,

\*Ammallee waan warri Rabbi ibaadu isaan keessa jiruuf,

82} \*Ammallee sababaa isaan haqa qeeba-lu'urraa ifin guddifneefi,akka yahuudan haqa qeebalu'urraa if guddiftutti .

\*Ormi nasaara'aa sun hoggaa qur'aana nabi Muhammadirratti buufame dhagayan, irratti qara'amee,

\*Ija isaanii tan imimaan gad dhangalaafu garta,

\*Sababaa isaan qur'aanni haqa tayuu beekh-

aniif , inni waan injiil keessatti arganiin wal gaxxamuu agarraan , itti amanan wanni Rabbiin dubbii tana buusee nuuf addeesse, haala mootii habasha'aa kan zamana nabi Muhammad jiruufii haala ummata isaati, mootichi habashaadha, kan {ashama} je'amu kan injiil akkaan beekhu, asaabonni nabi Muhammad makkarraa godaananii biyya isaa gallaan wanni isaanin je'e;mee qur'aanni na-bii keessan Muhammadirratti bu'e ,iisa'aafii haadha isaa maryam, maalin du-bbate je'een, hoggaa san {ashaaba'arraa namni {jakqfar ibnu abii xaalib} je'a-mu suuraa qur'aanaa tan suuraa maryam je'amtu, tan qissaa maryam dubbattu mootii habasha'arratti qara'e, mootin habasha'aa hoggaa dhagayu booyee akki je'e ;nabiyyicha nabi iisan yoo dhaqqabdan itti amanaa je'ee nuu dhaame, nabi Muhammadii je'ee amane , akkasuma jarri tokko kan mootichi habasha'aa sun nabi Muhammaditti erge, kan nama torbaatam gayan hoggaa suuran yaasiin isaanirratti qara'amtu haqa tayuu beekhanii qalbiin jiitee boo-yan, duuba Rab-biin haala orma habasha'aa kanaafii, kan nama akka isaanirraa nuu dubbate,

\*Wanni isaan je'en ; yaa Rabbii keenya nab-iyicha kee Muhammaditti amannee,

83} \*Warra ragaa bayurraa nu godhi,warra islaamni haqa tayuu ragaa bayu ,yookaa gu-

وَلَتَجِدَنَّ أَقْرَبَهُمْ مَّوَدَّةَ لِلَّذِينَ ءَامَنُوا

الَّذِينَ قَالُوا إِنَّا نَصْرِيُّ

ذَلِكَ بِأَنَّ مِنْهُمْ قَتِيلِينَ

وَرُهَبَانًا

وَأَنَّهُمْ لَا يَسْتَكْبِرُونَ ﴿٨٢﴾

وَإِذَا سَمِعُوا مَا أُنزِلَ إِلَى الرَّسُولِ

تَرَىٰ أَعْيُنُهُمْ تَفِيضُ مِنَ الدَّمْعِ

مِمَّا عَرَفُوا مِنَ الْحَقِّ

يَقُولُونَ رَبَّنَا ءَامَنَّا

فَاكْتُبْنَا مَعَ الشَّاهِدِينَ ﴿٨٣﴾

yyaa qiyaama'aa ummata hundarratti ragaa bayurraa nuu katabi je'an.

\*Si maaluma wanni nuti arganne , kan

وَمَا لَنَا لَا نُؤْمِنُ بِاللَّهِ وَمَا جَاءَنَا مِنَ الْحَقِّ

Rabbiifii waan haqaa kan isarraa nutti dhufetti amanuu nu dhoowwu? Wanni nu dhoowwu hin jiru jechu, waan ragaan iimaanaa nuu mul'atee jiruun,

**84}** \*Wanni nuti kajeellu Rabbiin keenya warra Rabbitti amanee toleen wajji jannata nu seensisu', duuba Rabbiin akka je'e .

وَنُظْمِعُ أَنْ يَدْخُلْنَا رَبَّنَا مَعَ الْقَوْمِ الصَّالِحِينَ ﴿٨٤﴾

\*Rabbiin sababaa isaan Rabbitti amanne , waan isarraa nuu dhufetti amanne, je'anii da-laga'arraa oolchaniif galata isaanif kenne, takkaa sawaaba isaanif kenne,

فَأَثْبَهُمُ اللَّهُ بِمَا قَالُوا

\*Wanni isaanif kenne jannata.bakka qanan-i'iiti, masnoo,tan lagootin hedduun olii gad keessa yaatu ,

جَنَّاتٍ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

\*Kan jannata san keessa zalaalamii taa'an,

خَالِدِينَ فِيهَا

**85}** \*Jazaan sun yookaa galanni sun jazaa yookaa galata warra amanu'uun tolee ifii toleeti .

وَذَلِكَ جَزَاءُ الْمُحْسِنِينَ ﴿٨٥﴾

**86}** \*Warri Rabbitti kafare kan aayata Rabbiin buuse kijibsiisee dhugo'oomsuu dide, isaan warra ibiddaati kan irraan bane as-haa-

وَالَّذِينَ كَفَرُوا وَكَذَّبُوا بِآيَاتِنَا أُولَٰئِكَ

bota nabi muhamadirraa gariin isaanii guyyaa soomananii ,halkan dhaabata'aa buluu if qabsiisanii, beeratti dhiyaatu'uufii, waan urgaayaa godhatu'uufii, ammallee foon nyaatu'urraa, akkasuma afaa gaari'irra rafu'urraa if dhoowwinaan, Rabbiin aayata as deemtu tana buusee, akka je'een.

أَصْحَابُ الْجَحِيمِ ﴿٨٦﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane, waan, mi'ootuu ,gaarii,Rabbiin isiniif halaala godher-  
raa ifin dhoowwinaa, halaal haraam jettanii hin dhiisinaa ,nyaadhaa ,dhugaa, uffadhaa ,  
beera keessaniin wajji rafaa, waan Rabbiin isinii geesise hunda itti dalagadhaa,

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا لَا تَحْرِمُوا طَيِّبَاتِ مَا أَحَلَّ اللَّهُ

لَكُمْ

\*Ajaja Rabbirraan hin tarkaanfatinaa seera hin cabsinaa, wasana yookaa daan-gaa hin dabrinaa, {waan nyaattanii dhuydan keessatti}

وَلَا تَعْتَدُوا

**87}** \*Rabbiin warra wasana yookaa shari'aa

إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْمُعْتَدِينَ ﴿٨٧﴾

isaa dabru hin jaalatuu, ni qixaaxaa.

\*waan Rabbiin isinii hire, haqa keessan kan lubbuun teessan jaalattu nyaadhaa,

وَكُلُوا مِمَّا رَزَقَكُمُ اللَّهُ حَلالًا طَيِّبًا

**88** } \*Rabbiin isin itti amantan sodadhaa, waan inni je'u dhagayaa wasana inni isiniif godherratti dhaabadhaa.

وَأَتَقُوا اللَّهَ الَّذِي أَنْتُمْ بِهِ مُؤْمِنُونَ ﴿٨٨﴾

\*Rabbiin khakhuu qalbiin bira hin jirreef

لَا يُؤَاخِذُكُمُ اللَّهُ بِاللَّغْوِ فِي أَيْمَانِكُمْ

jecha isin hin qixaaxu { yu`aakhizhukum} isin hin qabu, {billaghwi} waan arrabni nama bare'eef je'an ,kan muratanii hin jenne jechu, sun akka nama waa gaafateen: ee wallaahii dubbiin tun akkana, jechu'uuti, kan khakhatuu hin yaanne {aymaanikum} jechuun; khakhuu teessan jechu', Rabbiin khakhuu hoggaa haasawan arrabni irra bu'uuf naman qixaaxu, yoo khakhuu san diigan,namni si wajji nyaatu hoggaa inni nyaatarraa dhaabbate,yoo nyaadhu jetteen duuba {wallaahi quufee lakkii} je'e, duuba itti dirqitee nyaate, namni kun eega khakhatee nyaate'eef hin qixaaxamu , waan qalbiin khakhatuu hin yaadiniif jecha, maalif Rabbiin khakhuu akkanaatif nama hin qabu,

\*Rabbiin khakhuu qalbi'iin murattanii kha-

وَلَكِنْ يُؤَاخِذُكُمْ بِمَا عَقَدْتُمُ الْأَيْمَانَ

khataniif isin qaba,yookaa isin yakka , yoo waan irraa if dhowwuudhaa khakhattan san dalaydan,takkaa waan dalaguudhaa khakhattan dalaguu baattan. namni mana seenu'urraa if dhoowwu'uu jecha maqaa Rabbiitin khakhate qalbi'iin, duuba ka'ee seene namni sun yakka qaba ,waan maqaa Rabbii kabajuu dhabee ,saphliseef jecha,akkasuma namni waan kanan dalaga je'ee khakhatee ,duuba dalaguu oole, yakka qaba , waan maqaa Rabbii kabajuu oolef, waan khakhuu diigef,yakka nama khakhuu diigetiin yakkama, khakhuu diigun hoggii ni barbaadama, sun akka nama abalu hin dubbisu je'ee khakhateetii, gaa-fana wanni isaa irra caalu, nama san dubbisee, khakhuu diigee kaffaaraa baasu'

\*Kaffaaran nama khakhuu diigee,wanni inni yakamuun ,

فَكَفَرْتَهُ

\*Nama kudhan kan waa hin qabneef nyaata kennu', namuufuu khabala lama lama,

إِطْعَامُ عَشْرَةِ مَسْكِينٍ

\*Irra hedduu midhaan yookaa waan warra biyya teessanii nyaachiftanirraa, yookaa warri biyyaa nyaaturraa isaanii kennu',

مِنْ أَوْسَطِ مَا تَطْعَمُونَ أَهْلِيكُمْ

\*Takkaa waan uffata je'amu, nama kudhan kan waa hin qabnerra qoodu' odoo marxoo marxollee taatee,

أَوْ كِسْفَتِهِمْ

\*Takkaa gabra islaamaa bilisoomsuu namni maqaa Rabbiitin khakhatee khakhuu san diige, waan sadeen kanarraa tokkoon yak-

أَوْ تَحْرِيرِ رَقَبَةٍ

kama

\*Yoo waan sadeen dabarsi nerraa tokku-  
malee dhabe,

فَمَنْ لَمْ يَجِدْ

\*Kaffaaran isaa bakka waan dhabee guyyaa  
sadii soomanu',

فَصِيَامُ ثَلَاثَةِ أَيَّامٍ

\*Wanni dubbatame kun,kuffaaraa kakuu

ذَلِكَ كَفَّرَ أَيْمَانَكُمْ إِذَا حَلَفْتُمْ

teessaniiti yoo diydan,namni khakhuu diige waa sadiyirraa waa takka dalaga  
,yoo fedhe nama kudhan nyaachisa, yoo fedhe isaan uwwisa, yoo fedhe gabra  
bilisoomsa yoo sadeenuu matumaan dhabe, guyyaa sadii soomana, duuba  
akkanaan diliin maqaa Rabbiitin khakhatu'uun seene isaaf dhiifanti,

\*Khakhuu teessan tiysaa, hin diiginaa

وَأَحْفَظُوا أَيْمَانَكُمْ

yookaa hin cabsinaa, yoo waan gaarii dalagu'uu jecha diydan malee, sun akka  
namaa tola hin oolu je'ee kakatee duuba tola oolu'uu jecha, yookaa nama wal  
taasisu'uu jecha khakhuu diigu'uutii, wanni gaarin khakhuu matumaanuu dhi-  
isu' wanni khakhataniin Rabbii tokkicha ammoo waan biraatin khakhatuun hin  
gayu,

**89}** \*Akkasitti Rabbiin karaa diinaa isaa isiniif ibsa yookaa addeessa, akka karaa ba-  
da'aafii,gaarii addaan barattanii, karaa jann-  
ataa qajeeltanii,Rabbiif galata galchitan ,wa  
an isinii kennerratti.

كَذَلِكَ يبينُ اللهُ لكم آيَاتِهِ لعلَّكُمْ تشكرون ﴿٨٩﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane farshoon wan-  
numti nama macheesee aylii namaa uka-  
amsu hundi farshoo je'amtii,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا إِنَّمَا الْخَمْرُ

\*Ammas meysirri {qimaarri} horiin ayyaa-  
nan walirraa nyaattan,

وَالْمَيْسِرُ

\*Ammas waan Rabbin tayin ibaadun,

وَالْأَنْصَابُ

\*Ammas ayyaana ifii baratu`uuf hixaa

وَالْأَزْلَمُ

buufatuun karaa sanamaatin waa sadii katabanii, tokko kan dalagi je'u, tokko  
kan hin dalagin je'u, tokko kan homaa irratti hin katabne, duuba hixaan dalagi  
je'u yoo bayeef, waan deemaniif ni dalagan, kan hin dalagin je'u yoo bayeef  
hin dalagan, duuba akkanaa waan Rabbiin namaa qoode baruun, {azlaam}  
je'amaa,

\*Wanni afran kun,sun farsho'oofii, qimaa-  
raa ,sanamaa, hixa'aan; qooda Rabbiin na-  
maa dabarse barbaadu'uu waan hamtuu she-  
yxaanni itti nama oofuu,

رَجَسٌ مِّنْ عَمَلِ الشَّيْطَانِ

\*Irraa fagaadhaa, hin dalaginaa,

فَاجْتَبِوهُ

90} \*Akka addunya'aa aakhira'atti milkootan ,hixaan dhoowwamu kan sanamaatu nuu hiree yaadan.

لَعَلَّكُمْ تَقْلِحُونَ ﴿٩٠﴾

\*Wanni sheyxaanni fedhu ,

إِنَّمَا يُرِيدُ الشَّيْطَانُ

\*Wal didda'aafii, wal jibbansa isin jidu'utti darbu',

أَنْ يُوقِعَ بَيْنَكُمُ الْعَدَاوَةَ وَالْبَغْضَاءَ

\*Farshoofii qimaara keessatti yoo farshoo dhuydani qimaara dalaydan jechu',

فِي الْخَمْرِ وَالْمَيْسِرِ

\*Sababaa isaan lamaanitiin sheyxaanni zikrii Rabbiitifii salaatarraa isin dhoowwa ,

وَيَصَدِّكُمْ عَنْ ذِكْرِ اللَّهِ وَعَنِ الصَّلَاةِ

91} \*Duuba si isin irraan dhoowwamtanii ? Farsho'oofii qimaararraa hoowwamaa jechuu

فَهَلْ أَنْتُمْ مُنْهَوُونَ ﴿٩١﴾

\*Rabbiifii rasuula isaa dhagayaa ,

وَأَطِيعُوا اللَّهَ وَأَطِيعُوا الرَّسُولَ

\*Dilii yookaa cubbuu dhiisaa, sodadhaa

وَأَحْذَرُوا

\*Yoo rasuula Rabbi dhagayuu diddani irraa gara galan,

فَإِنْ تَوَلَّيْتُمْ

92} \*Waa takka ergamaa keenya hin miinee ,ifuma miitani beekhaa, maalif wanni ergamaa keenyarratti jiru, diinaa kiyya isinitti geessuu qofaa jazaan keessan narra jira .

فَاعْلَمُوا أَنَّمَا عَلَى رَسُولِنَا الْبَلْغُ الْمُبِينُ ﴿٩٢﴾

\*Warri amanee waan gaarii dalage ,waan odo farsho'oofii qimaararraa hin dhowwamin dalaganirratti hin yakkaman, hin qixaxaman ,

لَيْسَ عَلَى الَّذِينَ ءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

جُنَاحٌ فِيمَا طَعِمُوا

\*Yoo waan Rabbiin haraam godhe sodaatanii,

إِذَا مَا اتَّقَوْا

\*Akka Rabbiin haraam godhe dhugo'oomsanii, waan gaarii dalagan,

وَأَءَامَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

\*Eegasii Rabbi sodaatuu jabbeessanii amanan,

ثُمَّ اتَّقَوْا وَأَءَامَنُوا

\*Ammas eegasii Rabbi sodaatanii waan dalagan qulqulleessanii tolchan yookaa har-kaa fuula namatti tolan,

ثُمَّ اتَّقَوْا وَأَحْسَنُوا

93} \*Rabbiin warra tola namaa oolu jaalata, galata naisaanii galcha, yoo dalagaa isaaf

وَاللَّهُ يُحِبُّ الْمُحْسِنِينَ ﴿٩٣﴾



kuphxeessan,waan dalagan isumaa jecha  
dalagan

\*Yaa warra Rabbitti amane,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

\*Rabbiin bineensa bosonaa kan al'oolamee  
nyaadhamuun isin morkora,

لِيَبْلُغُوا لَكُمْ اللَّهُ بِشَيْءٍ مِّنَ الصَّيْدِ

\*Kan xixiqqaa isaa harkaan qaqqabdani

تَنَالُهُ أَيْدِيكُمْ وَرِمَاحُكُمْ

gurguddaa isaa waraanan waraantanii qalatuu dandeessan, gaafni Rabbiin bineensa oofee, harka orma mu'minaa naqe, hanga wanni akka borofaa, khurupho'oo faan,meeshaa isaanii keessa ciciiftutti, gaafa bara hudeybiya'aa je'aniin ,kan nabi Muhammadiifii asaabonni isaanii makka ziyaaru'uu deeman biyya yookaa bakka {hudeybaa} je'aniin qubatani achitti bineensa nyaadhamu kan namni makka ziyaaru'uu takka umraa godhu'uu deemu hin ajjeefne, meeshaa isaanii keessa ciciise,

\*Wanni Rabbiin bineensa oofee harka isaanii seensiseef, nama isaanirraa sodaa Rabbiitii jecha, binneensa inni irraa dhoowwe dhiisufii nama ajaja Rabbii irraanfatee, al'ollatu mul'isu'uufi,

لِيَعْلَمَ اللَّهُ مَن يَخَافُهُ بِالْغَيْبِ

\*Duuba namni eega Rabbiin irraa dhoowwee al'oolle,

فَمَنِ اعْتَدَىٰ بَعْدَ ذَلِكَ

94} \*Azaaba isa laalessuutu qophaayef.

فَلَهُ عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٩٤﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane waan hajji'iifii umraa hidhattanii jirtaniin bineensa hin al'oolinaa,hin ajjeesinaa,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لَا تَقْتُلُوا الصَّيْدَ وَأَنْتُمْ حُرْمٌ

\*Namni isinirraa bineenssa beekha'aa ajjeese,

وَمَنْ قَتَلَهُ مِنْكُمْ مُتَعَمِّدًا

\*Yakki isaa yookaa qixaan`i isaa, waan bineensa san fakkaatu beylada'arraa qalu', yoo waan re'ee fakkaatu ajjeese re'ee makka gessee qala,yoo waan gaala fakkaatu ajjeese gaala qala

فَجَزَاءٌ مِّثْلُ مَا قَتَلَ مِنَ النَّعْمِ

\*Wanni ajjeefame waan kana beylada'arraa fakkaataa dhiira lamaatu mura, tan uumaa bineensatiifii, beylada'aa beytu,

يَحْكُمُ بِهِ ذَوَا عَدْلٍ مِّنْكُمْ

\*Waan bakka bineensa ajjeesee kennuun isa qabdu,san,makka gessee qaluun waajiba ,

هَدْيًا بَلِغَ الْكَعْبَةِ

\*Takkaa bakka waan makka gessee qaluun isa qabee san nyaata miskiinaa kenna, nyata

أَوْ كَفَرَةٌ طَعَامُ

gatii waan sanitti qixxaawu ,miskiina hundaafuu khabala lama lama ,

\*Takkaa bakka nama nyaachisu, soomana soomana, bakka khabala lamaa guyyaa tokko soomana hanga gaye haa gayu

\*Wanni Rabbiin kanatti ajajeef akka qixaxa waan dalagee dhandhamu'uufi,

\*Waan odoo bineensa ajjeesu'urraa Rabbiin isin hin dhoowwin dalaydan ,Rabbiin isinii araaramee jira,

\*Namni odoo hajjii yookaa umraa keessa jiruu deebi'ee ,eega Rabbiin irraa dhoowwee ajjeese,

\*Rabbiin qixaxa hamaa isa qixaxa,

95} \*Rabbiin jabaa,waa takka isa duraan dhaabbanne,kan qixaan'i inni warra cubbuu dalage qixaxu jaba'aati.

\*Qurxummii bahar keessa jirtu al'oollatuun isiniif halaali, hajjii keessa jiraattanuu jiraattuu baattanuu,

\*Akkasuma wanni baharri ajjeese darbe nyaanni isaa kan akka qurxummii duutee, baharii baafattanii nyaatun isiniif gaya,

\*Kan nyaattanii ittiin qananiitan,

\*Akkasuma warri karaa yaa'u nyaatuu, ammalee sinqii godhatuu qaban,

\*Ammoo bineensa lafaa al'oollatuun isiniif hin gayu,waan hajjii yookaa umraa hidhattanii jirtaniin , ammoo yoo namni biraa al'ole nyaatun isaanif ni gaya ,

96} Rabbii gara isaa deebi'uu teessan soda dhaa waan inni je'u dhagayaa.

\*Rabbiin kakgbaa tan beytul haraam je'amu,bakka namni diinaa ifiitifii addunyaa ifiitin keessatti dhaabbatu godhe kan namni

مَسْكِينَ أَوْ عَدَلَ ذَلِكَ صِيَامًا

لِيَذُوقَ وَبَالَ أَمْرِهِ

عَفَا اللَّهُ عَمَّا سَلَفَ

وَمَنْ عَادَ

فَيَنْقِمِ اللَّهُ مِنْهُ

وَاللَّهُ عَزِيزٌ ذُو انْتِقَامٍ ﴿٩٥﴾

أَحِلَّ لَكُمْ صَيْدُ الْبَحْرِ

وَطَعَامُهُ

مَتَاعًا لَكُمْ

وَاللِّسْيَارَةِ

وَحَرْمٌ عَلَيْكُمْ صَيْدُ الْبَرِّ مَا دُمْتُمْ حُرُمًا

وَأَتَقُوا اللَّهَ الَّذِي إِلَيْهِ تُحْشَرُونَ ﴿٩٦﴾

﴿٩٦﴾ جَعَلَ اللَّهُ الْكعبةَ الْبَيْتَ الْحَرَامَ قِيَامًا

لِلنَّاسِ

achi seene if amanu kan nam tokko isa miidhu'uuf itti hin gamne, odo waa balleessee seenelle'ee, Rabbiin waan warri makkaa itti haajamu hunda gara makkaa oofee akka isii keessa jiraatan godhe,

\*Ammas Rabbiin baatii kabajaa qabdu

وَالشَّهْرَ الْحَرَامَ

afran , waytii isii keessatti if amananii gad dhaabatan godhee jira, lola baatii afran san keessa haraam godhe yookaa dhoowwama godhu'uun, baatin afran Rabbii isii keessatti lolarraa nama dhoowwu sun, zhul qikgdaa, zhul hijjaa, muharram, rajab,

\*Ammas wareega makkatti oofaniifii, waan isatti hidhan, asxaa isaa, kan inni wareega tayuu himu, Rabbiin nagaya godhee jira, nam tokkolleen itti gamuu dhoowwu'uun,

وَالْهَدْيَ وَالْقَلْبَيْدَ

\*Wanni Rabbiin makka nagaya godhee baatii afran baatii nagaya godhee, wareega makkatti oofaniifii, waan isatti hidhaniifii, nama wareega san oofu nagaya godheef,

ذَلِكَ

\*Akka Rabbiin waan dachi'ii samii keessa jiru hunda beekhaa hubattani'iifi ,kan waa takka isarraan dhokhane,

لَتَعْلَمُوْا أَنَّ اللّٰهَ يَعْلَمُ مَا فِي السَّمٰوٰتِ وَمَا فِي

الْاَرْضِ

97} \*Rabbiin kan waa hunda beekhu kan waan dachi'ii samii keessa jiruufii waan biraa hunda beekhu, kan waan isin Fayyaduufii ,waan argamu'uu taa'u hunda beekhu

وَأَنَّ اللّٰهَ بِكُلِّ شَيْءٍ عَلِيْمٌ ﴿٩٧﴾

\*Qixaan'i Rabbiin nama karaa isaa dide qixaaxu jaba'aa beekhaa

اعْلَمُوْا أَنَّ اللّٰهَ شَدِيْدُ الْعِقَابِ

98} \*Ammallee Rabbiin kan warra karaa isaa qabateef araaramu, kan isaanif rahgmata godhuu beekhaa.

وَأَنَّ اللّٰهَ غَفُوْرٌ رَّحِيْمٌ ﴿٩٨﴾

\*Ergamaa Rabbii muhammadirratti diinaa Rabbiin isa ergeen geessuu malee, wanni biraa isarratti hin jirtu, isin qixaaxu'uuf hin erganne, kan nama waan inni itti yaamu didu qixaaxu Rabbi

مَا عَلَى الرَّسُوْلِ اِلَّا الْبَلٰغُ

\*rabbiin waan isin mul' iftanii dalaydan ni beekha,

وَاللّٰهَ يَعْلَمُ مَا تُبْدُوْنَ

99} \*Waan dhoysitanii dalaydanis ni beekha ,waan haqa godhattaniin jazaa isinii galcha.

وَمَا تَكْتُمُوْنَ ﴿٩٩﴾

\*Ummata keetin akki jettu wanni hamtu'-uufi gaarin wal qixaa miti,wanni Rabbiin irraa dhoowwefii, halaal wal qixaa miti je'iin  
\*Odoo heddommini haraam si ajjabelle`ee

قُلْ لَا يَسْتَوِي الْخَيْرُ وَالْطَّيِّبُ

وَلَوْ أَعْجَبَكَ كَثْرَةُ الْخَيْرِ

halaalin wal hin qixxaatu, Rabbiin nama waan inni irraa dhoowwe dalaguufii, kan waan inni itti ajaje dalagu akka tokko hin godhu, kan hamtuu dalage ni qixaaxaa, kan gaarii dalage jannata seensisaa,

\*Yaa warra aylii qabu Rabbi sodadhaa , waan inni je'u dhagayaa,

فَاتَّقُوا اللَّهَ يَأْتِيكُمُ الْبَيِّنَاتُ

**100}** \*Akka addunya'aafii aakhiraa milkooytanii waan feetan argattan.

لَعَلَّكُمْ تَهْتَدُونَ ﴿١٠٠﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane, waa heddu'urraa gaafii hin heddommeysinaa, kun haraami moo halaali jettanii hin gaafatinaa waan Rabbiin je'u eegaa,

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا لَا تَسْأَلُونَ عَنْ أَسْيَاءِ

\*Yoo gaafattanii akka isin feetanirraa deebisaan mayxe,irraa hamaattan, waan nabsee rakkisu tayuufa'aaf, sun waan sababaa ifitti taatan,

إِنْ يُبَدِّلْكُمْ تَسْؤُكُمْ

\*Yoo zamana nabi muhammad,waa heddu-

وَإِنْ تَسْأَلُوا عَنْهَا حِينَ يُنَزَّلُ الْقُرْءَانُ تُبَدِّلْكُمْ

`urraa ,hoggaa qur'aanni bu'u ,nabi, Muhammad gaggaafattan qur`aanni bu`-eeti heera waan gaafattanii isinii himee, wanni gaafattan isinii mul'atti, duuba yoo waan isinitti jabaatu taate irraa hamaattanii, takkaayuu itti dalaguu dadh-abdani, tanaaf jecha waa gaggaafii hin heddommeysinaa,

\*Waan tanaan dura gaafattan Rabbiin isinii dhiisee jira, amma eegu ittin deebi'inaa

عَفَا اللَّهُ عَنْهَا

**101}** \*Rabbiin kan namaaf araaramu kan obsa qabu .

وَاللَّهُ غَفُورٌ حَلِيمٌ ﴿١٠١﴾

\*Warri isin dura dabre, waan hedduu anbiyoota isaanii gaafataniiti,

فَدَسَّأَهَا قَوْمٌ مِّن قَبْلِكُمْ

**102}** \*Duuba hoggaa Rabbiin heera waan

ثُمَّ أَصْبَحُوا بِهَا كَافِرِينَ ﴿١٠٢﴾

gaggaafatani isaanii himu fudhatuu didanii,yookaa itti dalaguu dhiisanii itti kafaran, silaa odo gaafatuu baatanii ,kun hundinuu hin argamu , ormi keenya wanni je'u ; { hooqan guddoon dhiiga fiddi } { hahhaadhuu keessa lukkuun ablee ifiin qaltu baafte} je'an, waa baratu'uuf jecha ,waa gaafatu'uufii ,gaafuma jaalalaaf, waa gaafatuun adda,namni waa hin beyne, waan hin beyne san warra beekhu gaafatuun karaa Rabbiiti, akka Rabbiin{fas'alu ahlaazikri in kuntum

laa takglamuun} nuun je'etti ,makgnaan isaa yoo beekhuu baattan warra be-  
ekhu gaafadhaa jechu'.

\*Waan arabni {bahgiiraa} je'ee dalagu Kan  
{saa'ibaa} je'anii dalagan kan {wasgiilaa }  
je'anii, ammallee waan { hgaam }je'anii da-

مَا جَعَلَ اللَّهُ مِنْ بَحِيرَةٍ وَلَا سَائِبَةٍ وَلَا وَصِيلَةٍ  
وَلَا حَامٍ

lagaan ,Rabbiin karaa hin goone, sun shari'aa Rabbiitii miti, arabni ifuma biraa  
kaasee dalaga malee, {bahgiiraa} jechuun; waan arabni odoo islaamni hin dhu-  
fin sheyxaanaf qoodhu, hori'irraa kan hin elmine ,kan akkanamutti gad lakkisan  
, {saa'ibaa} jechuun; waan sheyxaanaf yookaa mukaaf qodhanii gad lakkisan,  
kan ittin fe'anne kan ittin fayadamne, ammoo {wasgiilaa} wanni je'aniin; gaala  
dhalaa dhalee, ammas dhalaa itti aansee dhale, kan dhiira jidduu hin buusin,  
duuba isii tana wareega mukaaf godhanii, takkaayuu qodhaa isaaf godhanii,  
ittin fayadatan ,ammoo {hgaam} kan je'aniin; khorma gaalaa kan hoggaa ku-  
dhan dhalaa dhalche, khorma akkanaa waan isaan ibaadan mukaafii, dhagaa  
,sheyxaanaf qodhanii ittin fe'anii, hin dalaysiisanii akka fedhetti deemee ,akka  
fedhetti haa jiraatuu je'anii gad dhiisan, duuba horii isaan akkana godhan kana  
Rabbiin ittin ajajne, shari'aa hin goone,

\*Haa tayuu kuffaarri ,Rabbiitu horii kana  
akkana godhaa je'ee nu ajaje je'eeti kijiba  
Rabbirraa kaayan,

وَلَكِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا يَقْتُرُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ

**103}** Irra hedduun warra akkas je'uu warra  
waan beyne, isaan warra waan haraam ifir-  
ratti godhan san Rabbiin haraam hin goonee  
hin beyne.

وَأَكْثَرُهُمْ لَا يَعْقِلُونَ ﴿١٠٣﴾

\*Orma kuffaaraa kanaan waan kijibaan jet-  
tan dhiisa`aa gara waan Rabbiin buusee ko-  
otta`aa , ammallee gara rasuula Rabbii koo-  
tta'aa heera waan haraam ifirratti gootanii  
akka horiin isin haraam gootan halaal taye  
baraa, hoggaa orma kuffaaraa saniin je'ame,  
\*wanni isaan je'an; wanni abbootii teenya-  
rraa agarre kan isaan hojjatuu turan, nuuf  
gayaa, shari'aa biraa hin barbaannu je'an, du-  
uba Rabbiin isaanirratti deebisee akka je'e

وَإِذْ قِيلَ لَهُمُ تَعَالَوْا إِلَىٰ مَا أَنْزَلَ اللَّهُ وَإِلَىٰ  
الرَّسُولِ

**104}** \*Si odoo abbootin isaanii kanneen wa-

قَالُوا حَسْبُنَا مَا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آبَاءَنَا

an beynellee tayanii, ammallee odoo isaan warra hin qajeelle tayanille`ee wa-  
llaala abollaala abootii isaanitiifii jallina isaanii jala deemaniiti, jallata-  
nii? kun waan warra aylii qabu dalaguu miti, mee akkamiin waan isaan-  
irraa agarre qabanna je'an?

أُولَئِكَ كَانُوا آبَاءَهُمْ لَا يَعْلَمُونَ شَيْئًا وَلَا يَهْتَدُونَ ﴿١٠٤﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane lubbuu tees-  
san qajeelchaa, tooyadhaa, waan gaari'ir-  
ratti ittisaa,

\*Namni jallate waa takka isin miidhuu hin  
dandayu, Rabbiitu isiniin wajji jiraa, yoo  
ifumaa qajeeltan,

**105}** \*Hundi keessan jalla'aafii qajeelalleen ,  
gara rabbiiti deebi'uudhaa jiraattan, eega du-  
utanii, gaafas Rabbiin waan isin dalaydan isi-  
nii odeessu'uu jiraata, namuu waan inni dal-  
agerraa isa gaafatu'uu jiraata.

\*Yaa warra Rabbitti amane ragaan keessan

\*yoo tokkoo keessanitti sababaan du'aa  
dhuftee, waa dhaammate, nama lama dhaam-  
atiinsa isarratti ragaa godhu', hoggaa dhaa-  
mmatu ,

\*Nama haqaan deemu, kan islaamaa lama ,

\*Takkaa nama lama kan islaama hin tayin  
ragaa godhuu,

\*Yoo imaltuu baatanii, duuti isinitti dhuftee  
, nama islaamaa kan itti dhaammattan dha-  
bdan,

\*Eega salaata asri'iitii jara ragaa taye san  
dhaabdan yookaa fiddan, jarri lamaan sun,  
waan kana namicha du`erraa dhageenye, je'-  
aniiti Rabbiin khakhatan isaan khaysiisun,  
yoo jarri lamaan sun ni kijibanii shakkitan,  
yookaa dareemtan,

\*Khakhuu isaanii keessatti akki je'an Rab-  
biin khakhatuu keenya addunya'aan hin bit-  
annu, hori'ii jennee kijibaan hin khakhannu  
je'an,

\*Odoo namni ragaa baanuf yookaa khakha-  
nnuuf sun aanaa keenyallee tayee,

\*Ragaa Rabbii hin dhooysinu,

**106}** \*Yoo waan agarre dhoysine, nuti warra  
dilaaye je'aniiti khakhatan.

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا عَلَيْكُمْ أَنْفُسَكُمْ

لَا يَضُرُّكُمْ مَن ضَلَّ إِذَا اهْتَدَيْتُمْ

إِلَى اللَّهِ مَرْجِعُكُمْ جَمِيعًا فَيُنَبِّئُكُمْ بِمَا كُنتُمْ

تَعْمَلُونَ ﴿١٠٥﴾

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا شَهِدَةٌ بَيْنَكُمْ

إِذَا حَضَرَ أَحَدَكُمُ الْمَوْتُ حِينَ الْوَصِيَّةِ اثْنَانِ

ذَوَا عَدْلٍ مِّنْكُمْ

أَوْ آخَرَانِ مِنْ غَيْرِكُمْ

إِنْ أَنْتُمْ ضَرَبْتُمْ فِي الْأَرْضِ فَأَصَبْتُمْ مُصِيبَةً

الْمَوْتِ

تَحْسِبُونَهُمَا مِنْ بَعْدِ الصَّلَاةِ فَيُقْسِمَانِ بِاللَّهِ إِنْ

أَرْتَبْتُمْ

لَا نَشْتَرِي بِهِ ثَمَنًا

وَلَوْ كَانَ ذَا قُرْبَىٰ

وَلَا نَكْتُمُ شَهَادَةَ اللَّهِ

إِنَّا إِذَا دَلَّ مِنَ الْأَثْمِينِ ﴿١٠٦﴾

\*Yoo jarri akkatti khakhate sun cubbuu

فَإِنْ عُرِضَ عَلَيْهِمَا اشْتِحَاقٌ

dalaguun isaanii yookaa namicha du'e ganuun isaanii mul'ate,sun akka horiin nama du'ee gariin eega khakhatanii biratti argamu'uutii, kan namicha du'erraa bitanne je'an

\*Jara lamaatu warra namicha san dhalurraa bakka jara lamaan sanii dhaabbatee, khakhata

فَإِذَا خَرَبْتُمْ بُيُوتَكُمْ فَاصْحَبْ

\*Jarri lamaan sun warra akkaan namicha du'etti aanu,

مِنَ الَّذِينَ اسْتَحَقَّ عَلَيْهِمُ الْأَوْلَادُ

\*Jarri lamaan aanaa nama dhaammatee du'ee akki itti kakatu; jarri lamaan inni itti dhaammatee du'e isa gananiiti horii isaa nyaatan je'aniiti Rabbiin khakhatan

فَيُقْسِمُ بِاللَّهِ

\*Wanni isaan khakhuu isaa nii keessatti je'an ; khakhuu teenyatu khakhuu isaan lamaanirra dhuga'aa je'an

لَشَهِدْنَا أَحَقُّ مِنْكَ بِشَهَادَتِهِمَا

107} \*Nuti haqarraa hin meyn`e,yoo haqa-

وَمَا أَعْتَدْنَا إِنَّا إِذَا لَمِنَ الظَّالِمِينَ ﴿١٠٧﴾

rraa gorre Rabbiin nuu gaafata je'aniiti khakhatan, duuba hoggaa warri dhaalu akkatti khakhate, jarri itti dhaammatan kan nama itti dhaammate san ganee, horii isaa nyaatee horii isaa ni khafalan.

\*Khakhuu warra ragaa taye kan dareemanirraa warra dhaalutti deebisani isaan kheysiisani horii khafalchiisun,

ذَلِكَ

\*Ragaa karaa haqaatin bayu'utti akkaan dhiyaata,

أَدْنَىٰ أَنْ يَأْتُوا بِالشَّهَادَةِ عَلَىٰ وَجْهِهَا

\*Takkaa akkana godhuun wanni fiddu ,

أَوْ يَخَافُوا أَنْ تَرُدَّ أَيْمَانُهُمْ بَعْدَ أَيْمَانِهِمْ

ormi ragaa baye yookaa itti dhaammatan, yoo nama gananii khakhatan warri dhaalu khakhateeti waan balleysine khafaluun nutti muramti je'aniiti, kijibaan ragaa bayu'uufii,waan namni itti dhaammate balleysu'urraa sodaatan,

\*Rabbi sodaadhaa nama hin ganinaa, hin kijibinaa ,waan Rabbiin itti isin ajaje dhagayaa itti dalagaa,

وَاتَّقُوا اللَّهَ وَأَسْمِعُوا

108} \*Rabbiin warra karaa isarraa baye, karaa kheyri'ii hin qajeelchu.

وَاللَّهُ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الْفَاسِقِينَ ﴿١٠٨﴾

\*Guyyaan Rabbiin ergamoota isaa walitti qabu sodaadhaa, sun guyyaa qiyaama'aatii,

﴿١٠٨﴾ يَوْمَ يَجْمَعُ اللَّهُ الرُّسُلَ

\*Kan ergamootan umma nni keessan hoggaa karaa haqatti isaan yaamtan maal isinii

فَيَقُولُ مَاذَا أَجَبْتُمُ

deebise? waan itti yaamtan ni eehaman moo  
ni didan je'ee gaafatu,

\*Jennaanin ergamoonni; yaa Rabbi nuti be-  
ekkomsa hin qabnu je'an,

109} Siyi kan waan fagaate hunda beekhu

قَالُوا لَا عِلْمَ لَنَا

إِنَّكَ أَنْتَ عَلَّمُ الْغُيُوبِ ﴿١٠٩﴾

wanni nuti beynu beekkomsa kee biratti, waa beekkomsa hin je'amu. jechuu  
isaaniti, duuba Rabbiin waan beytaniin ummata keessanirratti ragaa bayaa  
je'eetini ragaa itti bayan, warra isaan qeebaleefii, kan diderrattis.

\*Waan Rabbiin ergamaa isaa iisaa ilma ma-  
ryamiin je'e dubbadhu; wanni Rabbiin isaan  
je'e;

إِذْ قَالَ اللَّهُ يَا عِيسَى ابْنَ مَرْيَمَ

\*Yaa {iisaa} ilma maryam, qananiidhan si-  
ifii haadha teetin qananiise yaadadhuu, gal-  
ata naa galchi,

أَذْكُرْ نِعْمَتِي عَلَيْكَ وَعَلَىٰ وَالدَّتِكَ

\*Kanan jibriil sitti ergee isaan si jabeesse,  
kan bakka ati deemtu si wajjiin deemu

إِذْ أَيْدَتُكَ بِرُوحِ الْقُدُسِ

\*Kan sii daa'ima kan dubbii hin gayin

تُكَلِّمُ النَّاسَ فِي الْمَهْدِ وَكَهْلًا

nama dubbiftu, ammallee kan hoggaa amata soddoma dabartee, arriin sitti ba-  
ate nama dubiftu, {mahdi} jechuun: xiqqeenya, jechuu {kahlaa} jechuun; nama  
soddoma dabre jechuu, duuba nabi iisan gaafa bara soddomii olii nama dub-  
bisuun eega sami'ii bu'eyyi taya,

\*Ammas qananii waa katabuu si barsiisu'u-  
un si qananiise kan hikmaa yookaa dubbii  
qajeeltuu, ammallee qananii towraatifiin, injiil  
si barsiisu'uun si qananiise yaadadhu,

وَإِذْ عَلَّمْتِكَ الْكِتَابَ وَالْحِكْمَةَ وَالتَّوْرَةَ

وَالْإِنْجِيلَ

\*Ammas gaafa iznii tiyyaan bordoda akka  
suuraa shimbiro'otti tolchitee,

وَإِذْ تَخْلُقُ مِنَ الطِّينِ كَهَيْئَةِ الطَّيْرِ بِإِذْنِي

\*Duuba waan tolchite sanitti afuuftee, fedhii  
tiyyaan shinbirroo taatu yaadadhu,

فَتَنْفُخُ فِيهَا فَتَكُونُ طَيْرًا بِإِذْنِي

\*Kan nama ballomma'aan dhalate, ammallee  
nama dhukkuba {baras} je'amu kan qaama  
nama addeessu qabu fayyiftu fedhii tiyyaan  
yaadadhu,

وَتُؤْتِيهِمُ الْأَكْمَةَ وَالْأَبْرَصَ بِإِذْنِي

\*Ammas gaafa reeffa nama du'ee bara me-  
eqaatam qabrii taa'e qabri'ii baaftee fedhii  
tiyyaan jiraachiftu ,

وَإِذْ تُخْرِجُ الْمَوْتَىٰ بِإِذْنِي

\*Gaafan yahuudaa si ajjeesu'uu sitti kaate  
sirraa qabe yaadadhu,

وَإِذْ كَفَفْتُ بَنِي إِسْرَائِيلَ عَنْكَ



\*Kan mukgjizaadhan itti dhufte,

إذِجْتَهُمْ بِالْبَيِّنَاتِ

110} \*Kan warri isaanirraa kafare, wanni ati itti fidde falfala mul'ataa je'e,

فَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا مِنْهُمْ إِنْ هَذَا إِلَّا أَسْحَرٌ مِّمَّنْ ۗ (١١٠)

\*Ammas gaafan jaalaloota keetin anaafii ergamaa kiyyatti amanaa je'ee, yaada kana, onnee isaanii keessa buuse,

وَإِذْ أُوحِيَتْ إِلَى الْحَوَارِيِّينَ أَنْ آمِنُوا بِي

وَرَسُولِي

111} \*Rabbiifii rasuula isatti amanee akka nuti amanne ati ragaa nuu tayi siin je'an yaadadhu, yaa iisa galata naa galchi {Hgawaariyyiin} jechuun; jaalaloota qulqulluu jechu'.

قَالُوا آمَنَّا وَأَشْهَدُ بِأَنَّا مُسْلِمُونَ (١١١)

\*Gaafa ashaabonni nabi {iisa'aa} nabi iisa'-aan yaa {iisaa} ilma maryam Rabbiin kee yoo khadhatte, gabataa sami'ii nuu buusaa je'anii gaafatan dubbadhu,

إِذْ قَالَ الْحَوَارِيُّونَ يَا عِيسَى ابْنَ مَرْيَمَ هَلْ

يَسْتَطِيعُ رَبُّكَ أَنْ يُنَزِّلَ عَلَيْنَا مَائِدَةً مِنَ

السَّمَاءِ

112} \*Kan nabi iisan Rabbi sodaadha'aa waan gagaafattan kana dhiisaa, yoo kan dhuga'aan amantan taatan je'een.

قَالَ اتَّقُوا اللَّهَ إِنْ كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ (١١٢)

\*Jennaan wanni isaan je'an; wanni gaafaneef hammeenyaafii mitii, waan Rabbi nuu buusu nyaatuu feena,

قَالُوا نُرِيدُ أَنْ نَأْكُلَ مِنْهَا

\*Akka waan Rabbiin nuuf godhe agarree qalbiin teenya gammaddu'uufi,

وَتَطْمِئِنَّ قُلُوبُنَا

\*Akka ati dhugumaan nabiyyii tayuu dhugo'oomsuu keenya keessatti beekkomsa ida'annu, akka wanni nuun jettu dhuga'aa, akkaan hubannu,

وَنَعْلَمَ أَنْ قَدْ صَدَقْتَنَا

113} \*Akka waan agarerratti ragaa baanu je'an.

وَتَكُونَنَّ عَلَيْهِمُ مِنَ الشَّاهِدِينَ (١١٣)

\*Duuba iisan ilma maryam akki je'e,

قَالَ عِيسَى ابْنُ مَرْيَمَ

\*Yaa Rabbi keenya gabataa sami'ii nuu buusi,

اللَّهُمَّ رَبَّنَا أَنْزِلْ عَلَيْنَا مَائِدَةً مِنَ السَّمَاءِ

\*Akka guyyaan isiin nuuf buutu iida nuu tayu,

تَكُونُ لَنَا عِيدًا

\*Warra amma jiruufii warra ganaa dhufulle'eef,

لَا وِلَانَا

\*Akka gabataa buusun sun milikkata dan-  
deytii teetitiifii milikkata an ergamaa kee  
tayu'uu taatu,

وَأَخْرَجْنَا وَمَا آيَةٌ مِنْكَ

\*Yaa Rabbi gabataa si khadhanne nuu  
buusii nuu kenni,

وَأَرْزُقْنَا

114} \*Ati irra caalaa nama waa namaa hi-  
ruutii yookaa kennuutii.

وَأَنْتَ خَيْرُ الرَّزُقِينَ ﴿١١٤﴾

\*Duuba Rabbiin akka je'e;an gabataa isin-  
iifan buusaa,

قَالَ اللَّهُ إِنِّي مَنَزَلُهَا عَلَيْكُمْ

\*Nama eega isiin buutee natti kafare,

فَمَنْ يَكْفُرْ بَعْدُ مِنْكُمْ

115} \*Qixaaxan nama tokkollee hin qixa-  
axin'in isa qixaaxa addunya'aafii aakhira`a-  
tti, duuba Rabbiin warra eega gabataan sun  
buutee kafare addunya'arratti jaldeessafii  
kharkarroo isaan godhe ,ammoo aakhir-  
a'attis azaaba guddaa isaanii qopheesse.

فَإِنِّي أُعَذِّبُهُ، عَذَابًا لَا أُعَذِّبُهُ أَحَدًا مِّنَ

الْعَالَمِينَ ﴿١١٥﴾

\*Waan guyyaa qiyaama'aa Rabbiin nabi

وَإِذْ قَالَ اللَّهُ يَعْيسَى ابْنَ مَرْيَمَ

iisa'aan je'u dubbadhu yaa ergamaa kiyya Muhammad nageenyi sirratti haa  
jiraatu, wanni Rabbiin guyyaan qiyaama'aa nabi iisa'aan je'u ummata isaa  
xixuudhaa jecha,

\*Si siitu ummata keetin Rabbii guddaa dhii-  
saadhaa anaafii haadha tiyya Rab bii lama  
godhaa je'ee? tanaaf, jecha na dhiisanii siifii  
haadha tee {maryam} Rabbi godhatanii gab-  
baranii? je'een,

ءَأَنْتَ قُلْتَ لِلنَّاسِ اتَّخِذُونِي وَأُمَّيَ إِلَهَيْنِ مِّنْ

دُونِ اللَّهِ

\*Jennaanin nabi iisan rifatee akki je'e,

قَالَ

\*Yaa Rabbi si malee Rabbi jiraatu'urraa sin  
qulqulleeyisa, waan siin hin malle hundarraa  
sin qulqulleeyisaa , {subhgaanaka} jechuun;  
sin qulqulleeyisaa jechu'uu,

سُبْحَانَكَ

\*Waanin je'uu haqa itti hin qabne, nama an  
je'uun naaf hin tayu, namaan Rabbi na go-  
dhaa haadha tiyya Rabbi godhaa, Rabbii na-  
afii isin uume dhiisa'aa jechuun haqa kiyyaa  
miti,

مَا يَكُونُ لِي أَنْ أَقُولَ مَا لَيْسَ لِي بِحَقِّ

\*Yaa Rabbi odo'on akkas je'ee, silaa atuu  
beeyte, akkan an Rabbi na godhaa orma  
kiristaanatiin hin je'in atuu beytee jirta jechu,

إِنْ كُنْتُ قُلْتُهُ، فَقَدْ عَلِمْتَهُ،

\*Waan nabsee tiyya keessa jiru hunda ni beyta,

تَعَلَّمَ مَا فِي نَفْسِي

\*Waan ati beytu an hin beekhu ,

وَلَا أَعْلَمُ مَا فِي نَفْسِكَ

**116}** \*Ati kan waan namarraa dhokhate hunda beekhu .

إِنَّكَ أَنْتَ عَلَّمْتَ الْغُيُوبَ ﴿١١٦﴾

\*Yaa Rabbi waan ati umma taan je'i jettee itti na ajajte malee, waan biraa ummataan hin jenne

مَا قُلْتُ لَهُمْ إِلَّا مَا أَمَرْتَنِي بِهِ

\*Wannin an isaanin je'e ; kan ati je`iin yookaa itti ajaji naan jette, Rabbii tokkicha na uume kan isin uume, Rabbii kiyyaa keessan ibaadaa, waan biraatin Rabbi hin je'inaa je'eetan isaan ajaje,

إِن أَعْبُدُوا اللَّهَ رَبِّي وَرَبَّكُمْ

\*Hangan isaan keessa jiru yaada kanarrattin isaan eeguu ture, waan biraatin Rabbi je'urraan isaan dhoowwu ture,

وَكَنتُ عَلَيْهِمْ شَهِيدًا مَّا دُمْتُ فِيهِمْ

\*Ammoo eega isaan keessa gara sami'ii na godaansiftee,

فَلَمَّا تَوَفَّيْتَنِي

\*Siitu dalagaa isaanii quba qabaa an waa takka irraa quba hin qabu,

فَلَمَّا تَوَفَّيْتَنِي كُنتَ أَنتَ الرَّقِيبَ عَلَيْهِمْ

**117}** \*Ati kan waa hunda quba qabuu, waanin an isaanin je'eefii, waan eegan an biraa dabree dalagan hunda beekhu, ka quba qabu siyi.

وَأَنْتَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ شَهِيدٌ ﴿١١٧﴾

\*Warra Rabbi naan je'u kan haadha tiyyaan Rabbi je'u kan jallina kufri'ii kanarraa hin deebi'in yoo qixaaxxe,

إِنْ تَعَدَّ بِهِمْ

\*Isaan gabroottan keetii, waan feete itti

فَأَتَّهُمْ عِبَادُكَ

dalaguu dandeessa, akka feete isaan godhuu qabdaa, namni dalagaa tee dura dhaabbatu hin jiru, isaantu si dhiisee waan biraa ibaadu'uun qixaaxa haqa godhatee if miidhe malee, ati isaan hin miine,

\*Yoo warra isaanirraa amaneef araaramte, sun waan ati dandeessuu namni si dhoowwu hin jiru,

وَإِنْ تَغْفِرَ لَهُمْ

**118}** \*Ati jabaa waa takka sin injifanne, kan waan dalagu hunda keessatti waan malu malee hin dalayne.

فَأِنَّكَ أَنْتَ الْعَزِيزُ الْحَكِيمُ ﴿١١٨﴾

\*Rabbiin akki je'e; guyyaan qiyaama'aa kun ,guyyaa warra dhugaa dubbatu dhugaan isaanii isaan baafu, takkaayuu isaan fayyaddu,

قَالَ اللَّهُ هَذَا يَوْمُ يَنْفَعُ الصَّالِحِينَ صِدْقُهُمْ

\*Warra dhugaa dubbatuuf yookaa dalaguuf jannata lagootin olii gad keessa yaatutu jira kan zalaalamii itiin qanani'an,

لَهُمْ جَنَّاتٌ تَجْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ خَالِدِينَ فِيهَا أَبَدًا

\*Rabbiin isaanirraa jaalatee jira, sababaa isaan dubbii isaa dhagayaniif, ammallee isaanis Rabbirraa jaalataniiti jiran, waan Rabbiin arjummaa isaatin waan fedhan hundaan isaan qananiisef,

رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمْ وَرَضُوا عَنْهُ

119} \*Sun milkii guddoo namuu hawuufi .

ذَلِكَ الْفَوْزُ الْعَظِيمُ

\*Sami'iifii dachiin, tan Rabbiiti,

لِلَّهِ مَلِكُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ

\*Wanni isii keessa jirus ta Rabbiiti, roobafii, mayraafii, wanni biraa hundi,

وَمَا فِيهِنَّ

120} \*Rabbiin waan hundarratti dandayaa .

وَهُوَ عَلَى كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ